# XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA KITIMAA IRRATTI XIYYEEFFATE

QORATAAN: MISGAANUU TARFAASAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA KITIMAA IRRATTI XIYYEEFFATE

QORATAAN: MISGAANUU TARFAASAA

GORSAAN: AMAANU’EEL ALAMAAYYOO (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

# Galata

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee, sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuruuf kan na gargaaree Waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessaniifi karaa na qabsiisan gorsaakoo Amaanu'eel Alamaayyootiif (PhD) galanni koo guddadha. Akkasumas, maatii koofi  hiriyootakoo mara  jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti wantoota na barbaachisan naaf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deggersa naaf godhaan guddaan galateeffadha.

# Baafata

Qabiyyee Fuula

Galata.......... i

*Axereera* .......... iv

BOQONNAA TOKKO: Seensa.......... 1

Ariirrata Qorannichaa .......... 1

1.2. ka'uumsa Qorannichaa.......... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa.......... 4

1.3.1 Kaayyoo Gooroo.......... 4

1.3.2 Kaayyoo Gooree .......... 4

1.4. Faayidaa Qorannichaa.......... 4

1.5. Daangaa Qorannichaa .......... 5

1.6. Hanqina qorannichaa.......... 5

1.7. Saxaxaafi Malawwan Qorannichaa .......... 6

1.7.1. Saxaxa Qorannichaa.......... 6

1.7.2. Madda Ragaalee.......... 6

1.7.3 Meeshalee Funaansa Ragaalee .......... 6

1.7.4. Mala Iddaatteessu.......... 6

1.7.5. Tooftaa Xiinxala Ragaalee .......... 6

BOQONNAA LAMA: Sakatta'a Barruu Yadrimee.......... 7

2.1. Fayyadama Afaanii .......... 7

2.1.1 Fayyadama dhamjechaa .......... 9

2.1.2 Fayyadama jechootaa.......... 9

2.1.2.2 Wal Fakkii Jechoota.......... 11

2.1.4. Gosoota Malleen Dubbii ... 14
2.1.5. Mammaaksa ... 18
2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii ... 19
Boqonnaa Sadi: Xiinxaala Ragaalee ... 21
3.1 Ibsa Gabaabaa fi Qabiyyee kitaabichaa ... 21
3.2 Fayyadama Afaanii ... 22
3.3. Fayyadama Dhamjechootaa ... 22
3.3.2 Dhamjecha Hortee Lakkoofsaa ... 22
3.3.2 Dhamjecha uumamtee ... 27
3.4.1 Fayyadama jechootaa ... 29
3.4.1Fayyadama jechoota faallaa ... 29
3.4.2 Jechoota Ergisaa ... 31
3.4.3. Jechoota Loogaa ... 33
3.4.4 Jechoota wal fakkii ... 37
3.4.5 Fayyadama Mammaaksaa ... 38
3.6. Fayyadama Malleen dubbii ... 39
Boqonnaa Afur: Guduunfaa, Argannoofi yaboo ... 44
4.1 Guduunfaa ... 44
4.2 Argannoo ... 45
4.3 Yaboo/Yaada Furmaataa ... 45
Waraqaa Mirkaneeffannaa ... 48

***Axereera***

*Kaayyoon qorannoo kanaa asoosama ‘Kitimaa’ fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun xiinxaluu yoo ta’u, qorannaan baay’een ogafaan Oromootiin gaggeeffaman, ogbarruun barreeffamaa Oromoo garuu, xiyeeffannoo waan argate hinfakkaatu. Xiyyeeffannoon ogbarruu Oromootiif kennamu dhabamuun ammoo, sirna barumsaa ogbarruu afaanichaatiif gumaachi inni taasisus xiyyeeffannaa dhabuu danda’a. Kunis dhimma fayyadama afaanii waan ta’eef. Keessumaa akkaataan barreessaan tokko afaanitti fayyadamu sirna barumsaaf ka’umsa godhachuun kan dhihaateedha. Malli qorannoo kanaa, mala akkamtaa keessaa iddattoo akkaayyootti fayyadamuun mala mit carraatiin filamee jira. Iddattoo kanaan funaanufis mala ibsaa fayyadamuun qaacceffameera. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa barreessaan afaan inni fayyadame: malleen dubbii, gosa gosaan akkaataa qabiyyee ergaa isaan dabarsanirratti hundaa’uun kaa’eera. Itti aansuunis, fayyadamni jechootaa, jechoota filatamoo, jechamoonniifi mammaaksonni jechoota barsiisuuf mijatoo waan ta’aniif qabiyyee barnoota Afaan Oromootti dabalamanii barnoota kennamu qabatamaa ni taasisu. Akka ciminaatti kan kaawamu, jechoonni bakka barbaachisaatti galuun fayyadama afaanii sirriiti kan hawasasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti fayyadamu ta’uu isaati. Akkasumas haala yeroo isaa wajjin walqabachuun jechoota filatamoo barreessaan asoosama kanaa itti gargaarame ciccimoofi sirriitti nama ibsuu danda’anitti gargaarameera. Akka dadhabinaatti kan ilaalaman ammoo, barreessichi darbee darbee sirna tuqaaleefi dogoggora qubee akkasumas, jechoota safuu hin eeggannetti gargaaramuu isaa mul’ateera. Akka furmaataatti kan kaa’ame, seenaa, aadaafi duudhaa, amantiin fayyadama jechootaa barreessaan waan dhihaataniif osoo gumii dagaagina ogbarruufi Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti barattoota hirmaachisan barumsa dabarsuu danda’a. Barreessaan asoosama isaa keessatti qubeessuufi sirna tuqaalee fayyadamuu irratti xiyyeeffannaa osoo kenne gaariidha. Akkasumas, jechoota filatu keessatti jechoota safuu hawaasaa eeganiifi fudhatama qabanitti utuu gargaarame aadaa fayyadama afaanichaa babal’isuu danda’a.*

# BOQONNAA TOKKO: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Fayyadamni afaanii, dhimmoota siyaasaa, diinagdee, amantii, aadaa hawaasummaa keessatti haala garagaraan waamamuu danda'a. Karaa biroo immoo fayyadamni afaanii, jiruufi jireenya dhala namaa keessatti komii, shakkii, jajuu, mormii, bashannana, gadda, gammachuu waan kana fakkaatan hawaasni ittin dhimma ba'udha. Kanaafuu fayyamni afaanii jireenya dhala namaa keessatti, dhala namaa irraa osoo adda hin bahin kan jiraatu fi jireenya guyyuu dhala namaa wajjin kan walsimatudha(Beekan,2015:2-7).

Jiruufi jireenya dhala namaa keesssattis ta'e barreeffama keessatti fayyadamni afaanii barbaachisaadha. Dhalli namaa yaada waljijjiiree kan walqunnamu afaanitti gargaarameeti. Afaan kun ammoo, haala dubbiifi barreeffamaan nugargaaruu danda'a. Yaaduma kana deeggaruun, Clark (1996a) akka jedhutti, "Afaan kan qo'atamu haala caasaafi fayyadama isaatiini." Kana jechuun, caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa, xinjecha, xinhimaa afaanichaati. Fayyadama afaanii qo'achuun xinqooqa qo'achuu waanta'eef, qo'annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu, qo'annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qoratuudha.

Gama kaaniin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaan iddoo adda addaa keessatti qabuudha. Haala kana, Clark (1996 b) yoo ibsu, "Fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaadha" jedha. Kanaafuu, hojiin fayyadama afaanii irratti hojjetamu, garaagarummaa haala xinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuu irratti xiyyeeffachuu qaba. Kunis, fayyadamni afaanii walqunnamtii inni hawaasaa wajjin qabu laayyoo miti. Kanas, fayyadamtoota dhuunfaatii kaasee hanga hawaasa bal'aatti jiru jechuun nidanda'ama. Haaluma kanaan, Isuma (1996) gama isaatiin, "Fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasaa waliin qaban kan agarsiisu" jechuun ibsa. Fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kanhammatuudha. Kunis, yaadrimee fayyadama afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba. Kanas, walqunnamtii hawaasichaa faana hariiroo qabaachuu isaati.

Fayyadama afaanii yoomessa murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii

afaanichaa irratti namni sun qabu kan hammatuudha. Walff (2000) “Fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf gaaffilee xiinqooqa hawaasaa walqabatan kaasuun hubachuun danda’ama” jedha. Kana jechuun, afaan hawaasni fadayyadamu haalawwan akkamiifi yoomessa akkamii keessatti akka gargaaramuu danda’amu kan mul’isuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu,” Asxaa hawaasaa isa olaanaa” akka ta’etti ibsa. Kana jechuun afaan eenyummaa hawaasa sanaa kanibsuudha. Kan ittiin adda bahus afaan dubbatuuni. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda’a.

Miseensota hawwaasaa qofa yoo jedhamu; dhalli namaa bineensota irraa addaan bahanii beekkaman, kan waliin jiraatan qofti ittiin yaada isaanii wal jijjiirratan, akkasumas ittiin wal gargaaran yoo ta’u, afaan kunis osoo itti hin yaadamin dhalli namaa qofti ittiin dhimma bahuuf kan uummatan jechuudha. Afaan uumame kunis bifa sagalee dubbiitti kan dhimma bahuufii haala uumamsa mataa isaa kan qabuudha. Yaaduma kana irratti akka Addunyaa (2015:1 ) ibsetti ; “Haayyonni tokko tokko afaan dhalli namaa sagalee dubbii walitti qindeessuun kan ittiin walii galu meeshaa wal qunnamtiiti jedhu. Kaan immoo, afaan mallattoo eenyummaa hawwaasa tokkooti jechuun yoo hiikan, afaan baattuu aadaati jedhanis jiru.”

Akka yaada kana irraahubannutti afaan meeshaa wal qunnamtii kan sagaleetti dhimma bahu ibsituu hawaasaa fi kan aadaan hawwaasaa ittiin mul’atu, akkasumas ittiin agarsiifamu jechuudha. Dhalli namaa eenyummaa isaa ittiin ibsachuuf, aadaa isaa ittiin agarsiifachuuf,fedhii fi hawwii isaa ittiin guutachuuf,afaanitti fayyadama. Ilmi namaa hawaasa keessa jiraatu keessatti wanta keessa isaa jiru baasee ibsachuuf, taatewwan seenaa darbaniif ammaa walbira qabanii dabarsuuf afaanitti fayyadamee dhimma ba’a. kanaafuu ergaa yookin yaada karoorfame tokko sirriitti kallattii yaadameen galma isaa geessisuuf fayyadamni afaanii murteessadha. Keessumaa immoo barreeffama keessatti dubbisaafi barreessan alkallatti waan wal arganiif barreeffamni tokko yaada barreessaa haala gaarin dubbisaa biraan ga’uuf afaan ittiin barraa’e sun seera afaanichaa eegee sirriitti yoo qindaa’edha. Barreeffama tokko keessatti fayyadamni afaanii sagalee irraa kaasee jiru ga’uumsa kan qabu ta’uu qaba.

Fayyadama afaanii jechuun seera xiinqooqaa afaanii keessatti, haala hojii irra oolmaa xiinsagaa, xiinjechaa, xiinhimaa, xiinhiikaa fi loogawwan garagaraa ittin hawaasa tokko keessatti hubatamanidha. Akkasumas afaan hawaasni dhimma tokkoof kennuufi maal maalin walqabsiisee akka ibsu kan calaqqisiisudha. Keessumattuu seera fayyadama afaanii keessatti waan ibsuu barbaadame maalitti dhimma bahamanii akka ibsaman kan ifa taasisudha. Dabalataanis jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti, dhimmi tokko yeroo ibsamu, darbuufi ta'uu afaaniitti fayyadaman garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kunis haala waamicha yookin moggaasa waan tokkoo keessatti afaan itti fayyadaman jiraachuu danda'a. Kun immoo akka walii galaatti fayyadama afaanii jedhama.

Rakkoowwan hanqina fayyadama afaanitiin wal qabatanii ka'an keessaa, ergaa barreeffamichaa kallattii barbaadameen dabarsuu dhadhabuun dubbistoonni dogoggora hubannoof saaxilamuu, barreeffamichi jaalatamuu dhabuun isaan murteesadha. Kanaafuu rakkoowwan akkanaa kana hambisuuf ogummaa fayyadama afaanii barreessaa tokkoo mutreessadha.

Ogummaa fayyadama afaanii barreessaa tokkoo tilmaamuuf qorannoon fayyadama afaanii irratti gaggeeffamu gahe olaanaa qaba. Kanuma irraa ka'uudhaan qorannoon kunis fayyadama afaanii kitaaba asoosama "*KITIMAA*" jedhu keessatti argamu ija fayyadama afaanii yookiin xinqooqaatin maal akka fakkaatu xinxaaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

1.2. ka'uumsa Qorannichaa

Barreeffamni afaan tokkoo yeroo barreeffamu haalli jechoota fayyadamuu fi seerluga ittiin barreeffamu eeguun barbaachisaadha. Afaan oromoo yeroo afaan barnootaa fi afaan sab-qunnamtii ta'ee jiruudha. Afaan oromoo guddina irra jiru cimsee itti fufuun akkuma afaanota biro afaan qorannoo, afaan saayinsii fi qo'annoo akka ta'uuf, wantoonni bareeffaman kunniin qulqullaa'uu fi sakatta'amuu qaba. Wanti qabatamaan mul'atu fayyadama afaanii irratti asoosamoonni afaan oromoon barreeffaman hanqinni akka jiru agarsiisa. Hanqinni mul'atu kunis;jechoota loogaa, jechoota ergisaa, jechoota safuu fikkf yoo ta'u Hanqina kana hir'isuuf qorannoowwan gama itti fayyadama afaanii asoosama garaagaraa irratti hojjatamanii jiru. garuu amma har'aatti qorannoon itti fayyadama afaanii asoosama kitimaa irratti geggeeffame hin jiru. Anaafis ka'umsa kan naaf ta'e hanqinoota gama itti fayyadama afaanii asoosamicha keessatti mul'atan qorannoo irratti geggeessuuf na kakaaseera.

- Ogummaa itti fayyadama afaanii karaa asoosamoota afaan oromoo jiru maal fakkaata?
- Haalli fayyadam afaani dhamjechoota haala kamii dhimma itti bahame?
- Xiyyeeffannoon barreessitootaa karaa fayyadama afaanii hanga tokko cimina qabaa?
- Haalli fayyadama jechoota ergisaa, jechoota hiikaa wal fakkii, jechoota faallaa fi kkf haalan dhimma itti bahamuu?
- Malleen dubbii fi mammaaksa ogbaruu keesatti maalif itti fayyadamna?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gurguddaa lama of keessaa qaba. Isaanis kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooreedha.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyon gooroo qorannoo kanaa fayyadama afaanii asoosama "*KITIMAA"* jedhu xinxaaludha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

1) Haala fayyadama dhamjechootaa adda baasun, akakaakuu akaakudhaan ibsuu.

2)haala fayyadama loogaa sadarkaa dhamjecha fi jechaatti kitaabicha keessatti argaman adda baasuun sakatta'uu.

3) Jechoota ergisaa, jechoota walfakkii fi jechoota faallaa walii ta'an sakatta'uun ibsuu.

4) Malleen dubbii fi mammaaksota asoosama kana keessa jiran maal ibsuuf akka galan xinxaalun ibsuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaa hedduu qabaachuu danda'a. Faayidaan qorannoo bu'aa qorannichi kennu irratti xiyyeeffata. Kana malees, qorannichi beekumsa kan bal'isu yoo ta'e akkamitti akka galma ga'u kan ibsudha. Kanaafuu qorannoon tokko yemmuu qoratamu gaafileefi rakkoolee adda addaaf furmaata barbaaduf ga'ee guddaa qaba. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun yeroo gaggeeffamu bu'aawwan armaan gadii kana qabaachuu danda'a.

- Rakkoowwan gama fayyadama afaanitiin kitaaba asoosama kana keessatti mul'atan adda baasee akkaataa isaan ittiin sirreeffatan agarsiisun, rakkoon kun akka itti hin fufne godhuudha.
- Namoota hojii barreeffama asoosamaafi kan biroo irratti bobba'uu fedhaniif itti fayyadama afaanii irratti karaa agarsiisudhaf.
- Gara fuulduraatti barreeffamni gama fayyadama afaanitiin ga'uumsa qabu akka mul'atu taasisuuf.
- Namoota kanaan booda qorannoo walfakkaatu fayyadamanif ka'uumsa ta'uu danda'a.
- Akka madda ragaatti tajaajiluu danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Fayyadamni afaanii wantoota seera xiinqooqaa keessa jiran mara haammata. Xiinqooqni immoo yaadrimeen isaa baldhaa waan ta'eef yeroo tokko keessatti qorachuun, yeroos ta'ee maallaqa guddaa gaafata. Akkasumas waa'ee afaanii altokkotti qoratanii bira gahuun rakkisaadha. Sababa kanaaf mata duree daangessuun barbaachisa. Dabalataanis afaan barreeffamoota kam keessattiyyuu bu'uura. Kanafuu asoosamni afaan oromoos heddudha. Altokkotti fayyadama afaan isaanii xinxaalun sakatta'uun waan hin danda'amneef qorannookoo kana mata duree "xinxaala fayyadama afaanii, asoosama "*KITIMAA"* irratti daangesseera.

1.6. Hanqina qorannichaa

Hajii kamiyyuu hojjatanii xummuruuf rakkoolen adda addaa nama muddachuu danda'a. Kun immoo hojii qorannoo keessatti akka qorannootti ilaalamuu dana'a. Hanqinoota kanneen keessaa tokko hanqina yerooti. Kun immoo yeroo barnootaa waan ta'eef qorannoo kana akka barbaadamutti hojjachuuf gufuu ta'uu danda'eera. Inni biraa hanqina kitaabileeti.Kun immoo kitaabilee adda addaa waa'ee afaanii kaasan akkaa barbaadamutti argamuu dhabuu isaaniti. Rakkooleen armaan olii kun akkuma jirutti ta'ee qorataan akka yaada furmaatatti kan fudhate yeroo barnootaa faana qo'annoo kanaaf haala mijeessufi kitaabilee dhabamanis mallaqa baajata isaaf ta'uufi maatii isaarra fayyadamuun kitaabilee adda addaa gabaarraa bituun rakkoo sana jalaa ba'uu danda'eera.

### 1.7. Saxaxaafi Malawwan Qorannichaa

Qorannoon tokko kan galma ga'u, yeroo qo'ataan mala jiran keessaa kan na gargaara jedhee filatetti fayyadamee hojjatedha. Malli qorannoo tokkoo kan filatamu immoo faayidaa fi bu'aa inni kennurratti hundaa'eti. Qorannoon kun kan adeemsifame odeeffannoo kitaabilee gara garaa dubbisuun walitti qabaman irraa kan qaacceffamedha. Kanaaf gosoota qorannoo jiran keessa qorannoo yadrimeetti fayyadameera.

#### 1.7.1. Saxaxa Qorannichaa

Akaakuu qorannoo kanaa, kaayyoo iratti hundaa'ee, qorannoo bu'uurati. Mala qorannoo ittiin dhiyaatun qorannoo ibsuuti. Malli xinxaala ragaalee qorannoo kana ittiin sakatta'u yaad-rimee akkamtaadha.

#### 1.7.2. Madda Ragaalee

Maddi ragaalee qoranno kanaa madda raga tokkoffaa , madda raga lammaffaadh. Maddii raga tokkoffaan kitaaba asoosama kitimaa yeroo ta'u, maddi raga lammaffaan immoo kitaabilee addaa addaa qorannoo koo waliin wal fakkaatan wabeeffachuun kanin itti dhimma ba'eedha.

#### 1.7.3 Meeshalee Funaansa Ragaalee

Qorannoon Kun yemmuu gaggeeffamu, kitaaba asoosamaan filadhe irra deddebi'ee dubbisuun fayyadama afaanii asoosamicha keessatti argaman qabachaa adeemun barreeffamaan qaaccessa. Sababa kanaaf immoo yaadannotti dhimma baha.

#### 1.7.4. Mala Iddaatteessu

Malli iddaattessu qorannoo kana raawwachuuf kitaabilee asoosama afaan oromoo jiran keessaa kitaaba asoosama "*KITIMAA*" jedhu qorannoo kana gaggeessuf naaf mijata yookin sakatta'een bira gaha jedheen filadhe. Kanaaf fuula jalqabaa irraa kaasee hanga fuula dhumaatti sakatta'uudhan fayyadama afaanicha keessa jiran baasuun qaaccessa.

#### 1.7.5. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Fayyadama afaanii asoosama "*KITIMAA*" xinxaala ragaalee isaa mijataan xinxaala yaadarimee akkamtaati. Kun immoo sababni ta'eef, hojiin qorannoo kanaa lakkoofsan waan walqabatu kan hin qabneef xinxaala yaadrimee akkamtaa qofa akka ta'edha.

# BOQONNAA LAMA: Sakatta'a Barruu Yadrimee

## 2.1. Fayyadama Afaanii

Afaan ta'iiwwan ilmi namaa ittiin walii galuufi ittiin yaada wal jijjiirudha. Haa ta'umalee ilmi namaa haalli ittiin afaan fayyadamee ittin walii galuufi ittiin ergaa wal jijjirratu garaagara. Garaagarummaan kunis fayyadama afaanii jedhama. Sababni isaas fayyadamni afaanii nama kamiyyuu biratti dhimma nuti haasofnu sanaafi nama nuti wajjin haasofnu sanaan murtaa'a. Namoonni afaan tokko fayyadamanii yeroo ergaa dabarfatan dhimma dabarfataniifi ergaa dabarfatan irratti hundaa'un afaan tokko keessa looga filachuunifi afaan biraa irra jechoota ergifachuun itti fayyadamu. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu namoonni haala kanaan fayyadamuufis haalli hawwaasummaa isaa keessa jiran, dhiheenyi fi fageenyi kaayyoo isaan hawwaasummaa waliin qaban murteessummaa qaba(Jaalalli,2002).

Akka jaalalliin (2002:9) Fishman (1971) wabeeffachuun ibsitetti, *"fayyadamni afaanii karaa afaanitiin walitti dhufeenyi yeroo taasifamu,namni tokko yookin hawaasichi, looga afaanichaa keessaa isa kam akka filatu agarsiisa. Kana jechuunis qorannon fayyadama afaanii eenyun?* Enyuti yoomifi eessatti? Afaan kamiin? maal jedha? Isa jedhu agarsiisa." jechuun keessi. Yaaduma kana cimsu akka Beekan (2015:3-A)Clark(1996) wabeeffachuun ibsutti,

> *Itti fayyadama Afaanii jechuun haala tajaajila afaan iddoo adda addaa Keesatti qabudha. Haala kana Clark(1996) yoo ibsu,itti fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessa ta,uu isaa lafa kaa'ee jira. Kanaafuu, hojiin itti fayyadama afaaniirratti hojjatamu garaagarummaa haala xiinqooqafi hawasumma jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun haala ittifayyadama afaanii hundaa addaa addummaa hawaasaa sababa afaanin uumamu kanhaamatudha. Askeessatti, garaa garummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garagaraa afaanicha keessa jiru filatee kan dubbatu ta'uu isaati.* (Beekan, 2015:3-4)

Akka yaada kanaatti, itti fayyadamni afaani tajaajila afaan yeroo adda addaati hawaasa keessatti qabu jechuudha. Tajaajilli afaanii kunis hojii hawaasummaa kamiyyuu keessatti baay’ee barbaachisaafi murteessaa ta’uu isaa agarra. Akkuma walii galaatti fayyadamni afaanii tajaajila afaan hawaasa keessatti qabu yoo ta’u, kunis hawaasni yeroo dhimma tokkof itti fayyadamu dubbii afaanii dhama qabutti fayyadama jechuudha. Itti fayyadamni afaanii akkuma sagalee dubbbii afaanii keessatti tajaajila murteessafi barbaachisaa qabu, hojiiwwan uumee afaanii keessattis tajaajila murteessafi barbaachisaa qaba.

Afaan karaa ergaa ittiin dabarfatan keessaa karaa ijoo waan ta’eef, hojii kalaqa sammuu ilma namaa keessatti ga’ee guddaa taphata. Hojii uumee ogbarruun tokko dubbistootaf dubbifamuu fi dhiisuu akkasumas jaalatamummaa hawaasa biratti argachuu fi dhiisun isaa kan ittiin beekamu yookin madaalamu fayyadama afaanitiini. Hojii kalaqa sammuu ogbarruu keessatti miidhagina jechuun barreefamoota walitti fidanii hima ijaaruu miti. Jechoonni hammam kan barreefaman ta’aniyyuu barreessan jechoonni fayyadame kan ergaa namaaf dabarsu akkasumas miira dubbistootaa naaf hawwatu jedhee kan barreesudha. Sababni isaas hojiin uumee ogbarruu hawaasa keessatti tajaajila barbaadame dabarsuuf itti fayyadama afaanii yoo sirriitti fayyadamedha. Kanaafuu barreessan ogbarruu karaa adda addaatin afaanitti fayyadamuufi ga’uumsa cimaa ta’e qabaachutu isa barbaachisa. Yaaduma kana ilaalchisee jaalallin(Zarihun,1995) wabeeffachuun yoo ibsitu;

> *Barreessan dandeettii afaanii olaanaa ta’e isa barbaachisa yeroo jedhamu, karaa biraatin yaada isaa sirriitti haala ifaafi nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu dandand’uu qaba jechuudha. Akkas gochuuf immoo amala jechootaa, haala ga’uumsa isaanii fi akkaataa uumama isaanii beekuu qaba. Hiikaafi miidhagina jechoonni haala adda addaa keessatti galuun kennuu danda’an beekuu eegama(Jaalallii, 2002:12)*

Yaada kana irraa wanti hubatamuu danda’u barreessan kalaqa hojii ogbarruu tokko kan kufu itti fayyadama afaanii yoo sirritti beekuu baatedha. Akkasumas dandeettin fayyadama afaanii isaa dadhabaa yoo ta’eefii haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu yoo baate hojiin isaa fudhatama qabaachutu isarra eegama jechuudha.

### 2.1.1 Fayyadama dhamjechaa

Jechi tokko dhaamsa/ergaa tokko yookin tokkoo ol of keessa qabaachuu ni danda'a.Jechi tokko dhaamsawwan tokkoo ol yemmuu of keessaa qabaate, unkawwaan/form/ dhaamsawwan adda addaa agarsiisan addaan baafatanii beekun ni danda'ama. Unkaan dhaamsa tokko qofaqabu dhamjecha jedhama.(Geetachoo,2008;60).

Dhamjechi dhaabataafi hirkataa jedhamuun bakka lamatti qoodama.Dhamjechi hirkataan dhaamsa inni qabu yookin wanta inni bakka bu'u ifaan kan mul'atu yemmu inni jechatti maxxane/hirkatee galudha. Barreeffama keessatti dhamjechi tokko hirkataa ta'uu isaa sarara xiqqaan(hyphen) (-) gara bitaa yookin gara mirgaatti itti maxxansuun agarsiifama. Jechi dhaamsa tokko qofa qabu dhamjecha dhaabataa/of danda'aa jedhama. Dhamjechi hirkatan jecha ta'uu hin danda'u. Dhamjechi hirkataan afaan oromoo keessatti  gosa lamatu argama. Isaanis dureefi duubee jedhamu(geetachoo2008).

Namni tokko dhamjechoota of danda'oos ta'ee hirkatootti yeroo fayyadamu of eegannodhan ta'uu qaba. Sababni isaas keessumaa dhamjechoonni hirkatoon kophaa isaanii osoo jechatti hin maxxanin hiikaa hin godhatan.kanaafuu dubbisaan dhamjechoota kana yeroo kophaa isaanitti dubbisu dogoggora hubannoof saaxilamuu yookin ergaa barreeffamichaa sirritti hubachuu dhiisuu danda'a. Kanaafuu afaan keessatti keessumaa immoo barreeffama keessatti yeroo dhamjechatti fayyadamu haala fayyadama isaanii sirriitti beekuu qaba.

### 2.1.2 Fayyadama jechootaa

Jechi qindoomina sagalee irraa kan uumamu, hiika isa sirrii kan qabu, kutaa caasaa afaanii keessaa isa tokkodha. Sagaleewwan afaan tokkoo dubbifamaafi dubbachiistuu waliin ta'uun jecha uumu. Jechi kunis caasaa afaan sagaleewwan irraa uumamee sanaa eegun unka mataa isaa kan qabudha. Yaaduma kanaan kan walfakkaatu Addunyaan yoo ibsu;

> *Jechi qindeeffamee dhaamsa guutuubirsagoota fi dhamjechoota kan unkaalee hiikaatokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaatu fi of danda'ee dhaabatudha. Gama biraatin, bakka bu'aa muuxxannoo hawaasa tokkooti. Muuxxannoon hawaasatokkoo immoo bal'inahawaasichaa, amala isaa, siyaasa isaafi wkf bu'uureffata (Addunyaa,2018:35)*.

Akka yaada kana irraa hubannutti, jechi qindaa'ina sagalee irraa kan uumamu kan hiika tokko fi lamaa ol qabaachuu danda'u ta'ee, hawaasa tookko keessatti bakka bu'aa waan tokkoo kan

ta'edha. Beekan Gulummaa waa'ee jechootaa kana akka itti aanutti ibsee jira. *"*Jechi qindaa'ina sagalee ta'ee kan hiika guutuu qabudha. Jechi mallattoolee sagalee dubbiitin seera barrefama afaanii eegee akkaataa hiika qabaachuu danda'uun walfaana bu'ee kan ijaaramudha."(Beekan ,2015:240).

Akka yaada kana irraa hubannutti, jechi qindaa'ina sagalee irraa uumamuun hiika guutuu kan qabu ta'ee, mallattoolee sagalee dubbiitin seera barreeffama afaanii eegee kan ijaaramudha. Akkasumas fayyadama jechaa ilaalchisee akka itti aanutti yoo ilaalle afaan karaa yaadaittin dabarfatan keessa isa ijoo waan ta'eef hojii uumee keessatti ga'ee guddaa taphata. Qabiyyeen ogbarruu tokkoo dubbistootaf ifa ta'uufi ta'uu dhiisuun akkasumas, hojichi cimaa ta'uufi ta'uu dhiisun isaa kan madaalamu karaa afaanitiin. Hojii uumee keessatti miidhagina jechuun kuufama jechootaa miti. Jechoonni hammam kan filataman yoo ta'an iyyuu, kana jechuun barreessan fakkii naaf uuma yaadan dubbistootaf dabarsuu barbaade haala gaarin naafdabarsa jedhee jechoota inni filate yoo ta'anillee iddoo sirrii ta'etti haala seera qabeessa ta'een yoo itti hin fayyadamne ta'e miidhagina afaanichaa ibsuu dhiisuu isaanitiin alatti barreeffamichi dhama akka hin qabaanne taasisa(1997). Kana waan ta'eefis barreessan tokko jechoota gaalewwanii fi jechootatti fayyadame yaada yookin ergaa barbaade dabarsuuf ergaa afaanii cimaa ta'e qabaachuu qaba. Kana ilaalchisee Jaalalli (2002) Zarihun (1995) wabeeffachuun akka ibsitetti,

> *Barreessan dandeettii afaanii olaanaa isa barbaachisa yeroo jedhamu, karaa biraatin yaada isaa sirritti haala ifaafi nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu danda'uu qaba jechuudha. Akkas gochuuf immoo amala jechootaa, haala galuumsa isaanii fi akkaata uumama isaanii beekuu qaba. Hiika fi miidhagina jechoonni haala adda addaa keessa galuun kennuu danda'an beekun irraa eegama.(Jaalalli,2002:12)*

Yaad kanarraa wanti hubatamuu danda'amu, barreessan ceephoo irratti kan kufu afaan ittiin barressu yoo sirritti beekuu baatedha. Dandeetti afaan isaa yoo dadhabaata'eefi haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu akka qabu yoo beekuu baate, yaadni inni kaasuu barbaade sirritti kan ibsamee fi ifa ta'uu hin danda'u. Jechoota qa'achuu fi akkaata fayyadama isaani sirritti beekutu irraa eegama jechuudha.

Asoosama “KITIMAA”keessatti jechoonni gosa adda addaa ni argamu.Isaanis jechoota loogaa, jechoota ergisaa, jechoota walfakkii, jechoota faallaa ta’anii argamu. Kutaa kana keessattis haalli fayyadama jechoota kun maal akka fakkaatu ilaalla.

### 2.1.2.1 Jechoota ergisaa

Ergifannaan amala afaanii keessaa isa tokko. Afaan tokko afaan biroorraa ergifachuu danda’a. Afaan addunyaarraa haa xiqqaatu malee afaan osoo hin ergifatin jecha afaanichaa qofaatti fayyadamu hin jiru. Garuu hangi ergifannaa isaa walcaaluu danda’a. Ergifannan kunis sagaleetii hanga hima ga’utti ta’uu danda’a. Waa’ee jechoota ergisaa ‘o’Grady’ akka jedhetti“many linguistic change can be attributed to borrowing. The acquisition of words soundsor rule strom another language (Ibidi: 196). Akka waraabbii kanarraa hubannutti ergifannan afan tokko yeroo afaan biroorra sagalee, jechoota fi seera fudhachuun itti fayyadamudha. Ergifannaan kun sadarkaa sagalee, jechaa fi hanga himatti ta’u. Ergifanna kanaf wantoonni sababa ta’an saayinsii fi teekinoolojii, karaa olaantummaa siyaasan wal qabatee afaan tokko afaan tokkorraa calchisani ilaalun jechoota afaan ofi dhiisani kan afaan biro sanatti fayyadamuun jechoonni sun afaan sana keessatti makama deemu. Afaan Oromoo ilaalchisun yaadii ergifanna jedhuu wiirtuu jildii 5ffaa irraatti akka ibsameetti,

> *Haala ergifannaa kanaan Afaan oromoo yoo ilaallu, sirnoota darban keessatti olaantumma Afaan amaara biyyaatti kana keessatti qabataa tureerraa kan ka’ee afaan kanarraa waan hedduu ergifatee argama. Haa ta’u male afaanotaa Awuroopaa kan akka afaan Ingilizii, Faransayii, Xaaliyanii fi akkasumas afaan Arabarraa liqeefachuu hin oollee. (Tamasgeen, 1992:45).*

2.1.2.2 Wal Fakkii Jechoota

Jechoonni akkuma haala galuumsa isaanitiin iddoo jechi tokko bu’u jechi biraa bu’uun hiika walfakkaataa kennuu danda’u.Jechoonni kunis unkaan walfakkachuu baatanillee hiikan kanneen walfakkaatanidha.Barreefamota ogbarruu tokko tokkoo keessatti jechoonni akkana kunnin walitti aanuun hammattuu keessatti yookiin sarara habalakaatin godhamani kannen barreeffamani argamanidha.Haata’u male jechoonni kunniin iddoo isaa tokko inni tokkoo hiika kennu kanneen danda’anifi bakka waliif bu’uu jechoota danda’anidha.

### 2.1.2.3. Jechoota Faallaa

Jechoonni faallaa yaada faallaakan qabanidha. Yaadonni faallaa karaa adda addaan ibsamu danda’u. Addunyaa(2014: 112) “*jechoota faallaa kanneen jennu walitti dhufeenya jechoota wal morkatan lama gidduu jirudha.*”jechoota kanas, karaa adda addaa arguun ni danda’ama. Isaanis jechoota faallaa keessaati jechoota siyaasa agarsiisan arguu dandeenya.Yeroo baay’ee barreessan barreeffama ogbarruu keessaatti bifa dhokata ta’een yeroo itti dhimmaa ba’amutu mul’ata.

Barreessan barreeffama isaa keesssatti jechoota adda adddaa waan addda addaaf itti gargaramuu danda’a. Jechoonni kun kallattiin yookiin alkallattiin waan jedhamuu barbadame kan mul’isanidha. Jechoonni siyaasaa yommuu barraa’an sirriitti ilaalamu qabu. Sababni isaas, yaanni barreessan dabarsu barbaadufi akkaataa dubbisaan hubatu wal unachuu waan qabuufi. Akka fakkeenyaati asoosamicha keessaa kan fudhatame akka armaan gadiitti ibsameera.

### 2.1.2.4. Jechoota Loogaa

Looga kana gama Afaan oromoo walin wal qabsisuun yeroo ilaalamu, Afaan oromoo loogan gabbaatadha. Sababni isaas  sabni oromoo baay’ina waan qabuufi lafa bal’aa walirraa fageenya qabu irraa waan jiratuf loogni heddumminaan keessaatti mul’ata. Sababni uumamsa looga kanas, “Lafti Afaan oromoo keessatti dubbatamu bal’aa waan ta’eef, garaagarummaan loogaa ni mul’ata. Loogni Afaan oromoo garee gurguddaa sadii  qaba. Isaanis dhiha, bahaa fi kibbaatti qoodamee kan ilaalamudha.” (caas-luga J,J, 1998:1)

Yaada kanarraa kan hubatamu sababa uumamsa looga kanaa kan ta’e, sabni oromoo iddoowwan bal’aa walirraa fageenya qaburra jirachu isaati fi baay’ina qabachuu isaatin kan uumame ta’uu isaati.

Gama biraan waa’ee loogaa O’grady(1996) akka jedhetti loogni garaagarummaa gareewwan hawaasa gidduutti uumamu ta’ee adda addummaa haala dubbii, sagaleessuu, jechoota fi kan kana fakkaatan akka ta’e ibsa. Jechoonni loogaa barruu *tokko* keessatti yoo baay’atan dubbistoonni barruu sanaa looga sana hin beekne ergaa barruu sanaa hubachuuf rakkisaadha. Sabni isaas jechoonni naannoo adda addaatti hiika gara garaa qaba waan ta’eef, fakkenya jechi bukkee jedhu naannoo Arsiitti nama saala lama qabu jechuudha. Naanno wallaggaatti yookin Shawaatti ammo cinaa yookin bira jechuudha. Afaan oromoo barruuwwan hedduun rakkoowwan akkasif hedduu kan saaxilaman hedduudha. Kanaaf barreessan yeroo barreessu dubbataa afaanichaa hunda biratti hiika wal fakkaatu qabanitti fayyadameefi kan galmee jechootaa irratti beekamanitti fayyadamee

yoo barreesse filatamaadha. Yoo kan fayyadamu ta'e ammo jechicha fayyadame hiika jechaa mallattoo cuftuu keessa kaa'uun yoo barreessan akka hubatan taasisuu danda'a.

### 2.1.3. Malleen Dubbii

Malleen dubbii afaan ogbarruu keessaa tokko ta'ee wanta ogbarruu san keessatti ibsamuu barbaade haala adda addaan fayyadamuun kan ibsu jechuudha. Yaaduma kana irratti,

> *Afaan ogbarruu keessaa inni hunda dursu dubbii qolaati.Yeroo baay'ee barreessan jechoonni hiika dhanquu akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa ruuquun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannodhanis hiika jechoonni kallattin qaban irraa maqee yeroo fayyadamu dubbii qolaan ibsama.(Fedhasaa,2018:158).*

Yaada barreessaa kanarraa kan hubannu jechoota dhoksuu barbaade malleen dubbiin ibsee kan mul'isudha. Kun immoo keessumattuu jecha tokko *keessatti* akkas jechuurra dhimma biraan wal qabsiisnee yookin dhimma tokko dhimma biraa keessa galchuun karaa alkallattiin kan ibsu ta'uu isaati. Malleen dubbii dandeettii yaaduu namaa illee waan malalaa fi kuufama beekumsaa waan qabuuf ergaa cimaa kan qabudha.

Addunyaan(2013:208) yoo ibsu, "malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaf dabarsudha. Yaada kanarraa kan hubannu malleen dubbii asoosamicha keessatti qaama barbaachisaa ta'e haala salphaa ta'een ergaa kan dabarsudha*"* jedha. Akka yaada barreeffama kanaatti, malleen dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda'utti salphisee dhiheessu danda'udha. Kana jechuun haala namaaf galuun karaa wal xaxaa hin taanen ergaa kan dabarsudha. Akka Jaarra fi Wasaneen(2008:143) irratti ibsanitti "malootni dubbii qindeeffama haala qarooma qabuun ijaaramee kan miira namaa qindeffamicha dhageeffatu yookin dubbisuun kan qirqirsuu danda'a". Kana jechuun malleen dubbii sammuufi

miira namaa kakaasu yookin dammaksu keessatti ga’ee olaanaa akka qabudha. Kun immoo miira olaanaa yeroo uumu keessatti dandeettii hubannoo cimsuu akka danda’udha.

Akka walii galaatti kan hubannu barreeffama tokko keessatti ergaa tokko haala miira namaa keessatti fakkii uumee, miidhaksee fi salphaatti akka hin irraanfatamnetti dhiyeessuf malleen dubbii akka dhimma baasudha.Dabalataanis haala jiruuf jireenya hawaasaa tokko keessatti namoonni waan haasa’anii fi raawwatan malleen dubbii yoo dhimma ba’an wal dhabdee hin barbaachisne irraa illee walaba ta’uun akka jiraatan irraa kan hubannudha.

2.1.4. Gosoota Malleen Dubbii

Fayyadama afaanii irratti hundaa’un barreessa ogbarruu malleen dubbii akakuwwaan heddutti qoodun kaa’u. Akaakuwwaan isaan kanneen, warra kaan caalaa hojiiwwaan ogbarruu keessatti faayidaa hedduu kan qabanidha. Kunis ergaa dabarsuu irraatti waan ta’eef ergaa hubachuu ammo gadii fageenya fi kallattii garagaraan ilaaluun barbachisaadha. Qoodaminsa malleen dubbii ilaalchise hayyonnii adda addaa akaakuu adda addaatti qooduun ibsu. Kunis namaa namatti garaagarumma qaba. Addunya(2018:208) irratti malleen dubbii iddoo ja’atti qoodun ibsee. Isaanis; akkasaa, bakkasaa, nameessuu, eemitti, habalakaa fi arbeessudha jechuun qoode.Biranuu(2017:158) akaakuu malleen dubbii gosa gosaattii qooderaa. Akkasumas Fedhasaa(2017:158) gosoota malleen dubbii iddoowwaan adda adddaatti qooduun ibseera.

Malleen dubbii kunis ogbarruu bareeffamaas fayadama afaanii keessatti barreessaan gargaramee haala akkamin hawaasni itti gargaramaa akka jiru ibsuu danda’a.

Waluma galatti malleen dubbii maqaa adda addaa yaa qabaatuu iyyuu malee,yaada kalaqaa yookiin haala nama hawwatuun fakkii wantoota xiyyeeffaannoo barbadanii wal bira qabanii ibsuun karaa salphaa ta’een suura kaasu.Kun immoo, namni isa bira hin jirree haala salphaa ta’een akka hubatuuf isa gargaara. Ogbarruun barreeffamaa kunis malleen dubbiitti fayadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kan kana fakkaatan gadi fageenyan ibsa. Kana malees malleen dubbii barreeffamni tokko miidhagina akka argatu waan taasisuuf baay’ee murteessadha. Gosoota malleen dubbii waraqaan qorannoo kun irratti xiyyeeffaate ja’a. Isaanis; akkasaa, iddeessaa, nameessaa, harbeessuu, eemitii, fakkoommiifi walqabsiisaa fa’i.

**2.1.4.1. Akkasaa**

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee fayadama afaanii keessatti wantoota adda addaa wal dorgomsiisudhaan kan ibsudha. Kun immoo wantoota amalaan wal hin fakkaanne gidduuttikan taasifamudha. Akka Addunyaan (2018:208) irratti ibsetti, "akkasaan ergaa barbaadamu waan aadaa hawaaasichaa keessatti akka hubatamu kan taasisudha."kana jechuun wanti walbira qabnee dhiheessinu tokko kan hawaasa biratti beekamaa ta'e ta'uu akka qabu ibsa.

Karaa biraatin immoo, dubbii qolaa akkasaa kana fayyadama afaanii keessatti yemmuu dorgomsiisnu walitti siqeenya wantootan walbira qabuun Kan madaalaa deemnudha. Kunis haala dubbisaa hawwachuu danda'uun ta'uu qaba.Kana ta'uu baannan, dubbistoonni yaada burjaaja'e horachuu danda'u.

### 2.1.4.2 Iddeessaa/ Bakkasaa

Fayyadama afaanii keessatti Iddeessan amala, bifa,haala fi kan kana fakkaatan qaama tokkorraa fuudhanii qaama biraatti dabarsu yookin qaama tokko bakka waan biraa buusee, qaama sana taasisuudha. Kana jechuun akkasaan jechoota akkasaatti fayyadamutti hin fayyadamu. Kun immoo kallattumaan qaamni tokko akkasi jedhee kan ibsudha. Addunyaan akka jedhutti (2018:209-210) yaaduma kana deeggaruun akkas jedha:

> *Malli dubbii iddeessaa jedhu"gaalee iddoosaa" jedhurraa ijaaramee waan tokko guutummaan guututti amala waan biraa gonfachiisun dhiheessa. Gosni fayyadama afaani kun haala dhokataa ta'een wantoota dorgomsiisa. Kan akkasaarraa adda taasisusisa kana.Tokkummaan inni akkasaa waliin qabu garuu wantoota waliin dorgomsiisudha.*

Kana jechuun tokkummaa fi garaagarummaanis akkasaa fi bakkasaa/iddeessaa gidduutti kan mul'atu ta'ee of eegannoo fi gadi fageenyan ilaalufi xinxaaluu kan gaafatu fayyadama afaanii kana keessatti garuu bakkasaadha. Kanaafuu bakkasaan yaada dhokataa of keessaa waan qabuuf xiyyeeffannoo guddaa barbaada.

Fayyadama afaanii keessatti iddeessan amala wanti tokko qabu guutummaan guutittii wantoota biroof kankennuudha. Karaa biraatin, Ricoever (1975:28) akka jedhutti, "metaphor is possible only because of metaphor presents the polarity of the terms compared in bridge form."Akka

yaada kanaatti iddeessi wantoota wal hin fakkaanne lama wal bira qabuun isa tokko ibsuuf isa tokko bakka buusuu akka ta'e ibsa.

**2.1.4.3. Nameessa**

Nameessaa kan jennu wantoota nama hin taane bineensota, lubbu qabeeyyii lubbu dhabeeyyii waan namni godhu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta'anii kana hunda raawwataniitti gochuun nama fakkeessun bifa itti dhihaatanidha. Kunis, dandeettee barreessan barreeffamasaa keessatti calaqqisiisu irratti hunda'a. Kanas Addunyaa(2018:211) yoo ibsu, *"*wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan kan taasisu fayyadama afaaniti*"*jedha. Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti amala namootaa wantootafi lubbu qabeeyyii biroof kan kennudha.

Dabalataan, Shaw (1972:283) akka ibsetti, "Nameessi amala dhala namaa binensa, meeshaa, yaadafi kanneen biroof kan kennudha. Kun kan agarsiisu,wanti nama hin taane akka namaatti ni nyaata, ni dubbata, gochaawwan adda addaa ni raawwata jedhameet fudhatama."Kana irraa wanti hubannu, amala dubbii kana keessatti wantoota nama hin taane amalaafi gochaa namoonni raawwatan gonfachuun kan dhihaatanidha. Nameessa kana, barreessitoonni asoosama mala fayyadama afaanii kanatti bal'inaan ni gargaaramu. Sababni isaa,wantoota jiruuf jireenya hawaasa keessatti nama muudatan kanneen akka gadda, gammachuu, quuqqaa fi waan fakkaatan gatii calaqqisiisufi.

**2.1.4.4. Arbeessuu**

Fayyadama afaanii keessatti arbeessun waan tokko humna isaan ol guddisanii yookin ol qabanii mul'isuudha. Busheessuun immoo faallaa arbeessuu waan tokko haala isaa gadi qabanii yookin xiqqeessanii ibsuudha. Birhaanu,(2013:26) yaada kana deeggaruun akkas jedha "Arbeessuun mala waan tokko sababa bu'aa tokkoollee dhimma isaa ol kaasee himuuti, barreessan dhimma wanti sun dhugaan qabu irratti ol kaasee yookin guddisee waraqaa irratti kan barreessudha.Kanaafuu arbeessun dhimmoota jiran irratti hundaa'un kan ibsamu malee waan hin jirre guddisanii ibsuudha. Kun immoo humnaa ol gurra guddisuu yoo ta'u, busheessuun immoo humnaa ol gadi buusudha. Kunniin, bareedina, tokkummaa, garaagarumma, qaaman furdina yookin qal'ina, beekumsaafi kkf ta'uu danda'a.

Walumaa galatti, mala dubbii kanaa asoosama keessatti bal'inaan waan argamaniif miira dubbistoota asoosamaa harkisuufi namoonni xiyyeeffannaan isaanii ogbarruu barreeffamaa irratti keessumaa asoosamoota dhangala'oo irratti akka ta'u kan godhudha. Sababni isaa wantoota hawaasa keessa jiru hunda kan mul'isu waan ta'eefi.

### 2.1.4.5. Fakkoommii

Fakkoommiin kan wanti tokko dhimma biraan yookin yaada biraan bakka bu'aa fakkeeffamudha. Fakkoommin yaada, dhimma halluufi kkf mallattoodhan bakka buusuu yookin immo amala,bifafi hiika bu'aa sana gonfachiisu jechuu dandeenya. Jaarraafi Wasaneen(2008:145) irratti yeroo ibsan, "wanta tokko waan biraati bakka buusudhaan akka mallattotti itti fayyadamuudha. Wanti tokko hiika waan biraaf si'a dubbatamudha*"*jedhu. Kana jechuun bakkasaa irraa wanti adda godhu akka jirudha. Kana yeroo ibsinu haala adda addaa keessatti dhimmoonni ibsaman bifa isaan ittin ibsaman kan mallatteessinudha.

### 2.1.4.6. Sobdhugaa/Eemiti

Sobdhugaan wantoota lama faallaa walii ta'an kan ittiin ibsinudha. Kana jechuun namni tokko hin nyaata garuu hin quufu yookin ni boo'a ni kolfa yaada jedhu qaba. Kun immoo habalaka irraa kan adda ba'u adda ta'uu qaba. Kana jechuun habalakni yaada gadhee sobuun jajjabeessuu yoo ta'u sobdhugaan garuu yaadota yookin gaalewwan waliif faallaa ta'an wal bira qabee ibsa. Jaarraafi Wasaneen,(2008:142)yaaduma kana deeggaruun *"*eemitiin, dhaamsi jechaa yookin himaa irrakeessan soba fakkaatee dhugaa ta'u jechuudha yookin jechoonni yookin himoonni walcina jiran irra keessan walfaallessu"jedhu.

Yaada kana irraa Kan hubannu ergaan darbu soba fakkaatuyyuu dhugaa kan of keessaa qabu yookin wantoonni waliif faallaa yemmuu walcinaa himaman jechuu kan dandeenyu sobdhugaa /eemitidha.

### 2.1.4.7. Walqabsiisa

Walqabsiisni kun mala dubbii keessaa tokko ta'ee fayyadama afaanii keessatti haala wantoonni adda addaa hawaasa biratti beekaman kanneen akka: aadaa, safuu, amantii, duudhaa kan ittiin walqabsiifamanii ija barreessatiin ibsamanidha. Kanas, yaada hayyootan yoo deeggaramu

*Ogbarruu keessatti barreessan yaada barreesu sana waan biroon walqabsiisee, barreessuunidanda'a. Kunis,aadaan, siyaasaan, jiruufijireenyan, amantiin, haala uffannaan, iddoon ta'uu danda'a. Haata'u malee, kana beektonni karaa sadiin ilaalu: wal qabsiisa seenaa, walqabsiisa aadaa,walqabsiisa amantii jedhu.(Fedhasaa, 2013:97-99).*

Kanneen armaan olitti caqafaman kana yemmuu ibsaman, walqabsiisa seenaa jechuun, barreessan tokko barreffama isaa keessatti wantoota seenan walqabataniin akkaataa walqabanna isaatin barreessuu danda'a. Walqabsiisa aadaan naannoo tokko tokko maal akka fakkaatanillee barreessan asoosama isaa keessatti dhimma ba'uun barreessuu danda'a. Walqabsiisa amantii kan jennu ammo, amantii walqabsiisun wantoota amantiin walqabatan keessa galchuun ergaa dabarfachuu barbaade dhimma ba'uu danda'a.

Walumaa galatti, malli dubbii fayyadama afaanii keessa tokko ta'ee kan namoonni yaada mataa isaanii ilaalcha isaaniifi miira isaanii kan ittiin ibsatan fayyadama dubbii kanaani. Malli wanta tokko kan biraan waldorgomsiisun fakkeessun, kan nama hin taanef amala isaa kennuun akka namaatti akka waan nama ta'eetti dhiheessuu,waan tokko garmalee xiqqeessun garmalee guddisuun haala nama amansiisuu hin dandeenyen dhiheessudha. kana hundaaf human kan qabu malleen dubbiiti.

### 2.1.5. Mammaaksa

Mammaaksi afaanin kan dubbatamu ta'ee ilaalcha fi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isudha. Fedhasaan (2017:79) irratti akkas jedha;

*Mammaaksi mala ittin yaada bal'aa yookin dubbii dheeraatokko hima gabaaban kurfeessani kaa'anidha.Kana malees, mammaaksi himaafi yeroo qusachuuf, akkasumas, dubbii haala hin dagatamneen akka darbuuf, yookin hubatamuuf gargaara. Kana malees, gaalee yookin hima baay'ee gabaaban yaada baay'ee bal'aa ta'e dabarsu jechuun ni danda'ama.*

Yaada kanarraa akka hubannutti mammaaksi dubbii gabaabsuf kan itti gargaaramnu ta'ee muuxannoofi muudannoo, aadaa fi duudhaa siyaasaa ibsuuf gargaaramna.

Haaluma kanaan, namoonni dubbii isaanii gabaabsuu akkasuma, barreeffamoota ogbarruu keessatti barreessan mammaaksa ni gargaarama. Barreessitoonni barruu isaanii keessatti mammaaksa dabaluun barreeffamichi miidhagina akka qabaatufi miira namaa akka kakaasu godhu. Kunis, yaada bal'ina qabu tokko walitti qabee dimshaashessuun bifa ittin dabarfatudha. mammaakamuu qabu tokko miti. Sababiin isaas ergaan mammaaksaa dubbataa afaanichaaf malee, hiika namni kallattin afaan biraarraa fuudhee ittin kennu miti.

Walumaagalatti yaada kana irraa kan hubannufayyadamni afaanii kamiyyuu mammaaksa qabaachuu isaati. yaada kana jechuun deegara mammaaksonni qaama dubbii tokkoo ta'ee kaayyoo dhimma dubbatamaa jiru sanaa deeggaruu kan qabuufi bifa gabaaba ta'uusaa ibsa.

## 2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti qorannoowwan qorannoo kanaan wal fakkaatu sakatta'umsa amma beekumsa kootii hojiiwwan Gama fayyadama afaanitiin ogbarruuwwan afaan oromoo irratti hojjataman kannen beekuu fi argeen walbira qabee garaagarummaa isaanifi walfakkeenya isaanii haala kanaan kaa'eera.

Hojiiwwan qorannoo fayyadama afaanii irratti gaggeeffaman keessaa tokko, qorannoo Jaalallii Hayiluun mata duree "xiinxala fayyadama afaanii asoosama "Yaadanii"keessatti" jedhu bara 2002 ALI hojjatamedha. Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjatame ta'ullee qorannoo kanarraa garaagarummaa qaba. Qorannoon Jaalallii kun fayyadama afaanii keessatti fayyadama seerluga karaa dhaamsagootaa, karaa firoommi sagaleen, jechoota hirkatoo, jechoota kottoonfeefaa irratti baay'inaan kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun ammo fayyadama afaanii keessaa fayyadama dhamjechaa, malleen dubbii, mammaaksotaafi fayyadama jechootaa irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u, innis jechoota loogaa sadarkaa dhamjechaafi jechaatti, jechoota ergisaa, jechoota faallaa, akkasumas jechoota walfakkii irratti kan xiyyeeffatedha. Kanamalees qorannoon kun kitaaba asoosama mata dureen isaa "*KITIMAA"* jedhu irratti kan hojjatame yemmuu ta'u, kan Jaalallii immoo asoosama "*YAADANII*"irratti kan hojjatamedha.

Inni lammaffaan immoo qorannoo Ayyaantuu Abrahaamin mata duree "Xiinxala fayyadama afaanii asoosama "Hiree Jal'atte"keessatti jedhu bara 2009ALItti hojjattamedha. Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjatame ta'ullee akkuma kan Jaalallii qorannoo kana irraa garaagarummaa qaba. Qorannoon Ayyaantuu kun itti fayyadama afaanii keessatti fayyadama

afaanii keessaa, fayyadama jechootaa irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u, innis jechoota loogaa, jechoota ergisaa, jechoota tishoo akkasumas fayyadama himaa keessa hima dheeraafi hima gabaabaa irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun ammo fayyadama afaanii keessaa, fayyadama dhamjechaa, malleen dubbii, mammaaksota, akkasumas fayyadama jechoota loogaa sadarkaa dhamjechaafi jechaa irratti kan xiyyeeffatedha. Kana malees qorannoon kun kitaaba asoosama mata dureen isaa *"KITIMAA"*jedhu irratti kan hojjatame yemmuu ta'u, kan Ayyaantuu immoo asoosama "*HIREE JAL'ATTE*"jedhu irratti kan hojjatamedha.

Inni sadaffaan immoo qorannoo Ambassaa Hundeen mata duree "Xiinxala fayyadama afaanii asoosama "Dirmammuu "keessatti."jedhu bara 2003 ALI hojjatamedha. Qorannoon kunis akkuma kan Jaalallii mata dureen inni irratti hojjatame asoosama Dirmammuu irratti yemmuu ta'u, qorannoon kun immoo asoosama *"KITIMAA"* jedhu irraatti kan hojjatamudha. Akkasuma kan Ambasaa fayyadama afaanii keessatti baay'inaan caasaalee karaa seerlugaan kan ilaalamudha.

Inni arfaffaan immoo qorannoo Abdiisaa Buqqeen mata duree "Xiinxala fayyadama afaanii asoosama "*KUUSAA GADOO"* keessatti." jedhu kan bara 2003 ALI hojjatamedha. Akkasuma inni biraa immoo qorannoo Guutuu Mootummaan mata duree "Xiinxala fayyadama afaanii asoosama"Kabir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo" jedhu keessatti bara 2002 ALI hojjatamedha. Qorannoon lamaanuu mata dureen asoosama isaan irratti hojjataman mata duree qorannoo kanaa irraa adda yemmuu ta'u, akkuma kan Jaalallii xiyyeeffannoon isaanis karaa seer lugaa irratti kan xiyyeeffatanidha. Walfakkeenyi qorannoowwan kunniinifi qorannoo kanaa akkuma walii galaatti fayyadama afaanii irratti hojjatamuu isaaniti.

# Boqonnaa Sadi: Xiinxaala Ragaalee

## 3.1 Ibsa Gabaabaa fi Qabiyyee kitaabichaa

Kitaabni asoosama mata dureen isaa ***“KITIMAA”***jedhamu bara 2013ALA tti barreessaa Jamaal Huseen Saqaaqiitiin barreeffame yoo ta’u, kitaabni kun boqonnaa yookin kutaa soddomii lamaa fi fuula dhibba lamaa fi kudhan kan qabudha. Asoosamni Kun fakkaattota gurguddoofi xixiqqoo of keessa Kan qabu yoo ta’u goobangaleessi asoosama kanaa Badhaasoo Xiqqaariiti. Qabiyyeen asoosama kanaas jireenya dhala namaa keessatti waan nama muudatu jalqabaa kaasee hanga dhumaatti kan haammatu yoo ta’u, yaannii irra keessa isaa namoonni biyya geggeessaa turan,uummata oromoorraan gahaa turaniidha. Maatii diiguu, namoota wal jaallatan gidduu lixuu, qabeenya uummataa saamuu, uummata qe’ee irraa buqqisuu fkkf dha. Uummatni oromoo akka hacuucamaa ture ergaa dabarsuudha. Maatiin obbo Xiqqaarrii,Badhaasoo, Addee Sooreettii, Lootiifi Obseen, akka rakkatan gochuuf, yeroo Obbo Xiqqaarriin du’an, aadaa booddetti hafaa dhaan aadde Soorettii dhaaluuf irratti mari’achuu, Badhaasoo akkam dubbii jaarsummaa tuffatta jechuun miidhuu yaaduu isaanii ibsa. Kanbiroon immoo dhimma jaalalaati. Badhaasoon Bilisee jaallatee Biliseenis Badhaasoo jaallattee osoo jirtuu, Biliseen yeroo gara Ameriikaa deemtu, Badhaasoon immoo Bilisee barbaacha gara Finfinnee dhufee Bilisee osoo hin argin waggoota dheeraa turuu isaa nu hubachiisa. Sababni guddaan asoosamaa kana keessaa Badhaasoo fi Biliseen waggoota hedduu booda wal arganii cidha geggeeffachuu isaaniiti. Kana irraa ergaan isaa yoo xinxalamu sababa amantaafi siyaasa oromootaa adda qoodun aadaa, safuu, seenaa, eenyumma isaanii gatanii kan ormaaf akka jilbiiffatan, walii na’uu dadhabanii rakkoo cimaa keessa wal buusuu isaanii ergaa jedhu dabarsa. Kanaafuu barreessan fayyadama afaanii inni

fayyadame qabiyyee asoosama kanaa ibsetu boqonnaa kana keessatti xiinxalama. Innis fayyadama dhamjechaa irraa kaasee hanga himaatti, maalleen dubbiifi mammaaksa dabalatee Kan xiinxalamudha.

3.2 Fayyadama Afaanii

Ogbarruu barreeffamaa keessatti, akkaataa barreessan afaanitti gargaarame fayyadama afaanii jedhama. Kun immoo tooftaa barreessan tokko, ergaa barruu isaa caalatti fudhatamummaa fi miidhagina akka horatuuf itti yaadee, kuulee barreessudha. Kunniinis, dhamjecha, jechoota, malleen dubbiifi mammaaksota ta’uu danda’a.

3.3. Fayyadama Dhamjechootaa

Dhamjechonni haala tajaajila isaanii irratti hundaa’anii iddoo gurgudda lamattti qoodamu. Isaanis dhamjecha horteefi uumamteedha. Kunis seera afaan tokkoo keessatti bu’aa guddaa qaba. Innis bifa armaan gadiitin ibsameera.

**Dhamjecha hortee**

Dhamjechi hortee garee dhamjecha hirkataa ta’ee tajaajila caaslugaa kan of keessa qabu. Isaanis koorniyaa ramaddii tokkoffaa, lammaffaa, sadaffaa, maayii, lakkoofsa, kan xiyyeeffannoofi k.k.f ta’uu dandaa’a.

3.3.2 Dhamjecha Hortee Lakkoofsaa

Dhamjechi hortee lakkoofsaa dhamjechoota heeddummina agarsiisanidha. Isaanis irra caalaa garee jechootaa keessaa maqaa irratti kan xiyyeeffatanidha. Dhamjechoota hortee lakkoofsaa kan agarsiisan

-oota,-ota,-lee,-een,-yyii,-wwaan,ootii,fikk.f.

Fkn:**-oota**

**…abboonni baratt<u>oota</u> harawwaa**….(3)

….bara barn<u>ootaa</u>…(3)

……dha<u>loota</u> sagalee hasaassiikee….(2)

-oota -ji’<u>oota</u>(14) **-ota** -Dhiir<u>ota</u>(5)

-Moot<u>ota</u>(74)

- Jaars<u>ota</u>(69)

-Gand<u>oota</u> (2 -kofa<u>lee</u>(56)

-taphatt<u>oota</u> (3

**-lee**

-teesanil<u>lee</u> (55)

…hami<u>lee …(55)</u>

dhabnul<u>lee</u> ..(55)

-Baa<u>lee….(</u>51 )

Dhaamo<u>lee</u> …(51)

**-an** -fuf<u>an</u>(7)

-qajeejch<u>an</u>(7)

-hawwiidh<u>an</u>(2)

-dheebot<u>an</u> (2)

-burqa<u>an</u> (3)

-argeera<u>an</u> (4)

B**) Dhamjecha maayii (matimaa)**

Dhamjechoonni maayii matimaa asoosama **KITIMAA** keessatti ni argamu. Isaanis kanneen argaman gadiiti.

**-ni**

-Lag<u>ni</u>(1)

- Dhiig<u>ni</u> (1)

-Namoon<u>ni</u> (2)

**-n** -gaalee<u>n</u>(35)

-jiddoo<u>n</u> (35)

-morma<u>n</u> (36)

**-i** -hojjetootn<u>i</u>(138)

-Hasaasn<u>i</u> (3)

-abukaatonn<u>i</u> (199)

-manni (2) -saffisan (36) -beektonni (10)

-ganni (3) -ilaalan (38) -Dhiigni (55)

-shamarroonni (31) -aariin (38)

-Ijaan (38)

-Obseen (40)

-Badhaasoon(41)

-Funyaan(128)

Dhamjechi hortee, lakkoofsafi maayii matimaa agarsiisan kun iddoo itti barreeffame osoo hin taane iddoo baay'etti yookin asoosama kana keessatti bal'inaan irra deddeebi'anii ibsamaniiru. Kun immoo barreessan jechoota qabutti haalan fayyadamuun qusannoo jechootatti dhimma ba'uu agarsiisa.

**C)Dhamjecha hortee murteessituu**

Dhamjechi hortee murteessituun,dhimma tokko irratti kan murtaa'u yoo ta'u asoosama kana keessatti dhamjechi murteessituu ta'een dhimma itti ba'ameera. Isaan keessa muraasni

Fkn ) **ichi/icha**

1) Hindheessichajala margi laafaan ..….(18)

2) …Gucicha waliin guutuu jalqaban…(16)

3)Manichi buna namootaan guutame…(124)

4) Booyichakeessa isaatti akka…(120)

5) Waardiyyicha naa waamime…(149)

6) Birraatuun teeppicha ofii fuutee,…(150)

7) Muziqicha dhaggeeffachaa kolfaa taphatu…(145)

8) Magaal<u>icha</u> hin beeku(143)

9) Hojettoota hoteel<u>ichaa</u> irraa gaafadhu(143)

10) Mana baruums<u>ichaa</u>tti galmeen……..(4)

**D) Dhamjecha hortee xiyyeeffannoo**

Dhamjechoonni xiyyeeffannoo karaa adda addaan agarsiifamuu danda'u. Innis karaa,dhamjechaafi caasatini. Dhamjechoonni Afaan oromoo xiyyeffannoo agarsiisan keessaa kan asoosama "*<u>KITIMAA</u>*"keessatti argamu bifa armaan gadiin ibsamaniiru.

Fkn –**<u>uma</u>**

1) Lagni hasaasaa akk<u>uma</u> amala isaa…(1)

2) Haata'<u>uma</u> gucicha guutee gara…(5)

3) Ee sirriidha jettee of<u>uma</u> ofii……(6)

4) Biliseen magaal<u>uma</u> hasaasaatt..…(7)

5) Dinqisiiffattoonni isaa akk<u>uma</u>…..(10)

6) deebiftee immoo is<u>uma</u> loluu itti….(10

7) Dura bu'oonni akk<u>uma</u> ta'anitt…..(11)

8) Godin<u>uma</u> hunda keessatti sochii…(12)

9) Barnoota kurnnaffaa dh<u>um</u>achuuf….(15)

10) jirtuuf is<u>um</u>a irraa dhagahu…(18)

**<u>tu</u>**

11)…. isa<u>tu</u> qaama kamuu caala.(1**)**

**12**) yeroo muraasa qofa<u>tu</u> isaan hafe.(15)

13) DHaabaa<u>tu</u> akeekkachiisuu ture (70)

Dhamjechoonni hortee xiyyeeffannoo armaan olii asoosamicha keessatti kan argaman,yoo ta'u barreessan yaada isaa caalatti dubbisaa hubachiisuf yookin ergaa cimaafi hawwataa taasisuuf dhamjechoota kanatti dhimma ba'eera. Kanaafuu haala kana keessatti akka ciminaatti ilaalamuu danda'a.

**E) Dhamjecha Hortee koorniyaa**

Dhamjechii hortee koorniyaa gosa dhamjecha hortee saalaa irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, saala dhiiraafi dhalaa kan adda baasudha. Asoosama "***KITIMAA*"** keessattis dhamjechoonni bal'inaan ibsamanii jiru. Isaan keessaas muraasa fudhannee yoo ilaalle:

Fkn **Dhiira**

1) Sababii iyyuu isaa qofa jedhee hin….(1)

2) osoo barumsa isaa hin baratin..(9)

3) haasaa isaa xumuree….(11)

4) IJa isaa fooiitiinsochii…..…(11)

5) shaanxaa isaa kan uffata……(87)

6) uffanni isaa borsaa guutuutu bade.(88)

**Dhalaa**

7) Ija isii rirribsaa……(5)

8) wanti isii mudate akka irratti……(5)

9) gara mana isii deebite…(5)

10) waa'ee barums isii yeroo itti yaaddu…(6)

11) guyyaa kana garaa isii argatte.(7)

12) cimina barumsa isii immoo….(8)

Dhamjechoonni armaan olii kun iddoo asoosamichaa keessatti bakka baay'eetti mul'atu. Kun immoo irra deddeebin bakka heeddutti waan ta'eef, barreessan haala jiruu ol dhamjecha kanatti dhimma ba'eera. Kun immoo dubbisaa qalbiisaa booji'uu dhiisee nuffisiisuu danda'a.

Walumaagalatti barreessan gama dhamjecha horteetti haalan fayyadameera.kun immoo dhamjechoota danoomsee, xiyyeeffannotti dhimma ba'ee, gama qooddattoota asoosamichaan saala isaanii dhamjecha horteetti fayyadamuun dhimma ba'eera. Kun immoo gama tajaajila isaanin hojiirra oolchee asoosamicha miidhagsuun isaa akka ciminaatti ilaalama. Keessumattuu, heeddummeessun, namoonni fakkaattota asoosamichaa akka adda baafatuufi ergaa isaan dabarsan xinxaaluf bu'aa buuseera.

3.3.2 Dhamjecha uumamtee

Dhamjechi uumamteen, gosa dhamjechaa garee jechootaa tokko irraa, garee jechoota biraa uumuti. Kanaafuu warra jechoota haaraa uumudhaaf tajaajilanidha. Isaanis maxxanfachuun garee isaanii jijjiiru.

A) Maqaa qabatamaarraa maqaa dhokataa uumuu

Fkn –Hiyyeessa –Hiyyummaa

-goota=gootummaa

-Daa'ima=Daa'imummaa

-Durba =Durbummaa

-Fayyaa=Fayyummaa

-Oromoo=Oromummaa

-Saba =Sabummaa

-Fira=Firummaa

-Gaarii=Gaarummaa

-Fayyaa =Fayyummaa

-Nama =Namummaa

b)Maqaa gochima irraa uumuu

Fkn –marii =mari'atan

-Hoo'a =Hoo'ifatan(3)

-Dhungoo=Dhungachuu(10)

-jaalala=jaallate(12)

-Boo'icha=Boosse(16)

-Ciisicha=Ciise(16)

-Dhugaatii=Dhuguu(32)

-Jaalala=Jaalate(38)

-Ulfa=Ulfaa'uu(66)

-Morkii=Morkachuu(93)

-Hawwii=Hawwuu(4)

-Ciise=Ciisicha(97)

-Dhuguu=dhugaatii(2)

Barreessan dhamjecha uumamtee fayyadame, jechoota gara garaa galmee jechaa adda addaa uumeera. Adeemsa yaa'ina jaargochaa asoosamichaa keessatti, maqaa, maqibsa, gochimafi k.k.f walii walii isaanii irraa uumee asoosama ***"KITIMAA***" keessatti dhimma itti ba'eera.Jechoonni uumaman immoo jechoota ifaadha. Kana malees bifa kanaan jechoota uumuu osoo danda'uu

jechoota baay'ee afaan biraa irraa ergifachuun immoo akka hanqina barreessichaatti ilaalamuu danda'a. Jechoonni kunneen armaan olii kun immoo fuula irratti ibsame qofa osoo hin taane iddoo baay'etti argamu.

### 3.4.1 Fayyadama jechootaa

Fayyadamni jechootaa ogbarruu keessatti bifa gara garaan Kan mul'atudha.Kunis bifa idilee yookin alidileen ta'uu danda'a.Jechoonni ogbarruun ittin kalaqaman warra hiika dhanquu qabaatan ta'uu danda'u. Kanaafuu fayyadama jechootaa karaa adda addaan ibsuun ni danda'ama. Haata'u malee qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu fayyadama jechoota asoosama "*KITIMAA*" keessattis bal'inaan argamanii irratti. Isaan keessaa jechoota barreessan asoosama isaa keessatti dhimma itti baheefi ergaa dabarsuu barbaade gurra dubbisaa biraan ga'ee jechoota faallaa, jechoota ergisaa, jechoota loogaa, jechoota hiika walii ta'anitti dhimma ba'uun xiyyeeffannoo hiikafi ergaa isaan dabarsuu barbaadan irratti hundaa'un bifa armaan gadiitin qaacceffamaniiru.

### 3.4.1Fayyadama jechoota faallaa

Jechoonni faallaa ergaafi kaayyoo isaanin waan isaan ibsan irratti hundaa'un fuula isaan irratti argaman waliin xinxaalameera.

Fkn 1) Ol qoraanii gadi qoranii nama nama isaanii ajjeese beekuu dadhabanii,harka namaa ta'uu irrattillee walii galuu dadhabanii eennuun akka gumaa lallabatan dhama'u.(Jamaal, 2012:38)

Achii keessatti qabbanni galgalaa dhala namaa maraaf osoo adda hin qoodin haala walfakkaatu qabaachuu ibsuufi waan uumamaa waan ta'eef uumama hundaaf qixa jechuuf jechoota faallaa walii kanatti fayyadamee ergaa isaa dubbistootaf gumaache. Kanaaf qabbanni xiqqaaf guddaa, laafaa jabaa, beekaa wallaalaa, dhiira dhalaa jedhee adda hin baasu.

Fkn 2) Jechoonni haayyootaa garaagaraa asii fi achi, olii fi gadi godhamanii barreeffamanii dhaabaa manaa irratti maxxanfamanii jiru.(78)

Barreessan haala bocamuu magaalaa Hasaasa dubbisaatti himuuf jechoota faallaa walii kanatti dhimma baheKun immo namni boca kallattii kamiyyuu yoo hasaasa ilaalan waan mara arguu dandeessu jedhu jechoota waliif faallaa kanatti dhimma bahe.

Fkn 3. Olii gadi godhee gadii oli taasisa.(54)

Adeemsa kana keessatti wanti ol jiru akka gadi ta'u ,wanti gadi jiru immoo akka gadi ta'u nu hubachiisa.

4)…Namoonni ganamaa galgala dhimma…..(2)

5)…Olee bula malee…(199)

6)…Halkaanii, guyyaa dhaanadhu….…(82)

7) olqoranii, gadi qoranii nama nama…(38)

8) Badhaasootti gaddaa fi gammachuu itti…(38)

9) ….gamaa ,gamana naannessaa…(55)

10)…asii fi achi, olii fi gadi godhamanii…( 78)

11) Asii bahee achii dhufee isaa….(32)

12)…Akkumayaanni yaada kaan kaasee kaan kuffisu… (36)

13) Achi galagalaa as galagalaa… (48)

14) Warradu'etuka'ee dhaabate… (50)

15) Xiqqaafguddaa ummata oromoo (54)

16) Yaboowaaqaflafaa isinitti kennadhe (54)

17) teesseskaatu, deemtesdeebitu guyyuma…(58)

18) …jaalatteesjibbitees kiyyaaf…(67)

Jechoonni faallaa jechoota hiika fuggisoo qabaniin yookin waliif hiika kan hin taanedha. Sabani isaas dubbisaan asoosama sanaa yeroo waan tokko irraa hubatu walbira qabeeti. Kun immoo faallaa wanta sanaas hubachuun ergaa ogbarruu Sanaa xinxaaluu, waan ibsuu barbaades haala sana keessatti hubachuu danda'a. Keessumattuu ergaa dabarsuu barbaade barreessan, dubbistoonni hiika isaa yoo wallaalan faallaa beekuu danda'u waan ta'eef haala waliin deemaniin barreessa. Kanaafuu, qalbii dubbisaa hawwatee ergaa isaa haala kaayyoo isaa

galmaan ga'uufi dubbistoonni isaa gadi fageenyan yookin ergaa yaadan seenicha hubachiisufi akka hin dagatamne suura sammuu namaatti kaasuu danda'a.

3.4.2 Jechoota Ergisaa

Jechoota ergisaa jechuun jechoota afaan biroorraa galagaffamanidha.Isaanis afaan biraa keessatti tajaajilaaf oolu. Kana jechuun hawaasa afaan sana dubbatuun gama amantii, siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa waljijjiirrachuf ni tajaajila. Kun immoo kan ta'u, afaan sana keessa jecha afaanichaan jedhamu yoo dhibedha. Kana irraa kan hafe garuu afaan jecha sana osoo qabuu kan biraatti fayyadamuun guddina afaan keessatti ergifame sanaa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Kun immoo jechoonni sun irraanfatamuun afaan sana keesssa baduu danda'u. kanaafuu barreessan jechoota afaan oromoo keessatti argaman afaan biraarraa ergifachuun hin barbaachisu. Kana keessattis jechoota ergisaa barreessan afaan biraarra ergifatetu mul'ata. Kanaaf barreessan asoosama kana keessatti jechoota ergisaa inni fudhate kan itti xinxaalamudha

a) **Jechoota Afaan oromoo Afaan Amaaraa irraa ergifa**te

Fkn: -bahirii (55)

-barandaa(4)

-garafe(33)

-bilaasha(82)

-algaa(85)

-wushimmaa(96)

-wanbadee(200)

-gibbii(94)

**b)Jechoota Afaan oromoo Afaan ingilizii irra ergifate**

-Ok (74) -hoteela(188)

-teeppii (150) -piroojektii(189)

-no(194) -oral(189)

-visa (50) -meetira(190)

-artii(13) -video(207)

-Pilaanetii (118)

-Maayikii (190)

-velloo(206)

-heloo (206)

Jechoonni barreessan afaan ingilizii irraa ergifate kun kan Afaan oromoo qofa osoo hin taane afaanota biyya keenyaafi biyyoota alaa hedduu keessatti ergifamanii kan tajaajilanidha. Kun immoo caalatti jechoonni kun afaanotii keessa ilaalanii yoo hin madaksine guddina afaanii irratti dhiibbaa fiduu danda'a.

Dabalataanis jechoota afaan oromoo keessa hiika qaban kan akkka, teempireechara, miizana, shaqaxa, never jechoota jedhaaman barreessan akka ergisaatti fudhachuu hin danda'u.Kun immoo calaatti dhiimmi sun akka hubaatamuufi malee rakkoo biraa ta'uu danda'a. Garuu jechoonni kun yeroo bay'ee irra deddebi'amaani yoo dubbataaman ykn barreeffamaan, jechoonni afaan oromoo sun baduu dandaa'u.

**c)Jechoota afaan oromoo afaan biroo irraa ergifaate**

1) birookiraasii(188)
2) piikaappii(190)
3) tiraafika (199)
4) shaarbii(61)
5) kilaashii (96)

6) miliishaa(91)

7) Kontiroobaandii (199)

8) Kooridarii(149)

9) Dizaayinii(144)

10) Shamizii(142)

11) Villaa(139)

12) Bataskaana(96)

Barreessan asoosama “*Kitimaa”* jechoota armaan olii afaan bira irra ergifaachuun dhiimma itti ba’eera. Kun immoo,afaan oromoo qofa osoo hin taane afaan biroo keessaatis ni tajaajila. Kanaa malees duudhaa hawaasa sanaa jechoota wal qabatan kayyoo isaa galmaan ga’u kan barreessan ofii uume hin jiru. Kun immoo calaatti eergisaatti akka dhiimmaa ba’u tasiiseera. Dabaalataanis waan afaan oromoo keessatti bakka bu’aa hin qabne haala gaarii ta’een bakka bu’aani ibsuun guddina afaan oromoof ga’ee mataa isaa taphachuu dandaa’a. Asoosama kanaa keessatti hir’iinni sababa bakka bu’aa dhabuu yadoota kanaatin muldhaatu guutuun jechoonni kun haala kanaan argamanii hiika quubsa keennanniru. Kunniin immoo cimina isaati.

3.4.3. Jechoota Loogaa

Barreessan asoosama “*Kitimaa*”jechoota loogaa hiikni isa rakkiisaa ta’e heedduuti dhiimma ba’us, caalmatti afaan waltawaan waan barreeffameef ergaa isaa ammas hubaachuun rakkisaa hin ta’u. Kun immoo harka caalu waaltawwaa ta’us, loogni asoosamichaa irra caalan looga naannoo tokko giddu galeessa godhatee kan barreeffamedha. Dhiibbaan kun immoo barreessan dhalataa looga sanaa yoo ta’eeyyuu, oromoota maraaf waan barreeffameef caalatti loogaa itti bay’isuun ergaa sana caalatti osoo ifa hin ta’in ergaa dabarsuu barbaade hankaakuu dandaa’a. As jalattis barreessan looga yeroo fayyadamu looga sadarkaa maalii akka ta’e, looga sadarkaa dhamjeecha fi jeecha jedhamee kan xinxaalamu ta’a.

Looga sadarkaa dhamjeecha;

Fkn:

1) …san booda ija guuttee laaluu dadhabde…(5)

2) …ija dinqisiifannaatin laaluu jalqabe…(9)

3…maarree, dubbii teenna lafaa kaasuun dura, …(63)

4…maal goona qara salphanne! …(63)

5…worra isii butee harkaa shimalaan, …(117)

6…'tunis qormaata birooti' jedhe …(88)

7 …waan ijaan argitullee, ima mormita …(32)

Jechoonni loogaa armaan olii sadarkaa hiikaatti osoo hin taane sadarkaa dhamjecha itti dabaluu, irraa hir'isuu yookin kan biraatti jijjiiruti. Kun immoo garaagarummaa hiikaa qabaachuu baatus, akka naannoo sanaatti haala itti waamamudha.

| Jecha loogaa | Naannoo itti dubbataamu | Jecha waltaawwaa |
|---|---|---|
| Isii | Arsii | Ishee |
| Suuqa | >> | Suuqii |
| laaluu | Arsii | ilaaluu |
| dhakaa | >> | dhagaa |
| Tana | >> | Kana |
| Teechisee | Shawaa | Teessisee |
| Too | >> | Koo |

| | | |
|---|---|---|
| Tuuwwan | Arsii | Kuwwaan |
| Dhageeche | Shawaa | Dhageese |
| Teenya | Arsii | Keenyaa |
| tee | >> | kee |

Jechoonni kunis iddoo adda addaatti qofa adda ta'an yookin unkaan isaanii garaagarummaa qabaatus hiikni isaanii tokko. Kun immoo sagaloonni as keessatti jijjiiraman firoommii yookin walbaqannaa qabaachuu dandaa'u.

### A) Looga Sadarkaa Jechaatti

Loogni sadarkaa jechaa immoo unka garagaraa guutummaan jecha sanaa qabaatu ta'ee, iddoo adda addaatti kan ittiin waamanidha. Jechoonni looga naannoo tokkoo giddu gala godhate asoosama "*Kitimaa*" keessatti kan argamu yoo ta 'u, isaanis kanneen armaaan gadiiti.

Fkn:

1)…gammachuudhaan fishiliqu…(1 )

2) …jidduma kana Badhaasoon…(5)

3) …diimtuu yuubni ishee dugdarra ciisu...(7)

4)…yeroo ishiin seeqqattu baay'ee nama...(8)

5) …qalbii ishii keessa deemee shukulsiisa ….(14)

6) … maanguddoo wayyaa foxoorrate…(23)

7) …samiirraa 'falaq_falaq' yoo jedhu,…(23)

8) …baay'ee sodaattee suruphoofte…(24)

9) …namni ganda sanaa hundi ni shorroxe...(25)

10) …hirribni isa qabuu dinnaan <u>waxxee</u> eegdoo…(27)

11) …jedhe Badhaasoon <u>arjajjaa'ee</u>…(29)

12) …farda <u>leexaa</u> yaadaan yaabbate …(122)

13 … ija isaa gara <u>baaxii</u> manaa erge…(122)

14) …'garuu naaf hinmalu' jedhe <u>birzaaza</u> yaadaa…(125)

15) …nama sadii <u>qucee</u> dha'ee walirratti kuffise…(81)

16) …ofirraa dhorguu miti <u>cifaanillee</u> akka...(117)

17 …qarshii shan_shan irraa fudhattee <u>cirqaana</u> buute...(85)

18)...Boolee ga'ee bu'uuf <u>wogguu</u> jedhu,...(87)

19)…baay'ee waan <u>shoomayeef,</u>…(88)

20)…dukkana keessa <u>xurree</u> wayii,…(89)

21)…maanguddichi akka malee <u>woyyata</u>…(89)

22)…<u>kortoo</u> sibiilaatiin gara gubbaa yoo olba'u,…(89)

23)…kortoo sibiilaa sana <u>xiixxichaa</u> gara…(89)

24)…kan qonna tolchee aramatee bu'aa <u>xaarii</u> isaa…(108)

Jechoonni armaan olitti jala sararaman jechoota loogati. Kun immoo kan naannoo tokkoo qofa ta'uu waan danda'aniif, dubbistoonni naannoo biroo hubachuu dhiisuu danda'u. Haa ta'u malee loogni baay'eeasoosama tokko keessa jiraachun, naannoo oromiyaa bal'oo waan taatef looga hedduu qabaachuu dandeessi. Kun immoo akkanatti yoo itti fufe wal ta'insa afaan oromoo irratti rakkoo uumuu danda'a.

| Jechoota loogaa | Naannoo itti dubbaatamu | Jecha waltawwaa |
|---|---|---|
| Faxooruu | Arsii | Loogamuu |

| | | |
|---|---|---|
| Seeqqattu | >> | Kofaaltu |
| Shiikkoodha | >> | Xiqqoodha |
| Sokke | Macca | Deeme |
| Gola | Arsii | Kutaa |
| Fishiliqee | >> | Ofdhabe |
| Kiila | >> | Bareeda |
| Koola | >> | Kochoo |
| Hotossuu | >> | - |
| Soqi | >> | Barbaadi |
| Laattee | Macca | Kenniite |
| Afootti | Arsii | Fulduuraati |
| Gorsa | >> | Qoriicha |
| Shame | >> | Tortoore |
| Hirmii | >> | Oda/ saafuu |
| Koode | shawaa | Obbooleessa /obbooleettii |
| shoorruu | >> | Walii gadi deemuu |

3.4.4 Jechoota wal fakkii

Jechoota walfakkii kana keessatti, jechoota caalatti hiika jecha sanaa ibsuuf gale yoo ta'u, akkasumas yaada isaa dubbistoonni hubachuuf kan gargaarudha. Kun immoo bifa hammattuutin asoosamicha keessatti kan barreeffaman yoo ta'u kanneen armaan gadiiti.

1) Malkaa waakkanna (laga waabee) (44)

2) Fiixee (qarqara) (12)

3) Horii (qarshii) (12)

4) gulloo (waraabeessa) (13)

5) Dhiyaana (irbaata) (13)

6) Koochoo (baallee) (25)

7) Gaadaa (golloo) (59)

8) Gugee (makoodii) (106)

Barreessan jechoota walfakkii walcinaa qabuun, tokko yoo ifa ta'uu baate, kan itti aanu ifa godhee caalatti immoo dubbistootaf haala mijeessa. Dabalataanis jechoonni kun naannoo tokko qofatti kan beekamu yoo ta'e, namni biraas jecha sanatti akka dhimma ba'u tajaajila waan ta'eef akka ciminaatti ilaalamuu danda'a.

### 3.4.5 Fayyadama Mammaaksaa

Mammaaksi fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee,dhimma tokko gabaabsanii hubachuuf kan gargaarudha. Keessumattuu barreeffama ogbarruu tokko keessatti dhimmi ka'u mammaaksan yoo walmake dubbisaan salphaatti ergaa asoosama sanaa hubata. Akkasumas yeroo dheeraf osoo hin dagatiin sammuu dubbisaa keessatti waan fakkii kaasuuf turtii umrii dheeraa qaba.Kanaafuu mammaaksi asoosama "*Kitimaa*" keessatti haalan dhimma itti bahameera. Isaanis bifa armaan gadii kanaan ka'aniiru.

1) …waan kooraa fudhataniif fardi hinwallaalu… (15)

2) …'gubattee hinargin madaa abiddaa' jette (17)

3) …dhagaa tokkoon simbira lama…(169)

4) …Yaa marqaa si hafuufun si liqimsuufi… (79)

5) …'boottii qara galab!' jettee ho'itee kaate…(40)

6) …Akka baran miti akka baraatti bulu… (69)

7) …kan du'e baala bu'e… (44)

Barreessan asoosama "*Kitimaa*" mammaaksatti fayyadamuun haala dubbistoota haammachuu danda'uun ergaa cimaa dabarsuu danda'un/ fayyadama afaanii, keessaa mammaaksatti dhimma ba'eera. Kun immoo yeroo waa'ee waan tokkoo barreessu mammaaksa jalatti ibsuun, abdii kutannnaa, abdii horannaa, jajjabina, gowwummaa, gamnummaa, obsa qabaachuu fi kkf kan agarsiisu gosa fayyadama afaanii keessatti dhimma bahuun ibseera. Fkn "*dhagaa tokkoon sinbira lama* (8). Mammaaksa kana keessatti dubbisaan taatee raawwate salphaatti hubachuu danda'a. kun immoo, waanti karaa tokkoon abdatan yeroo dacha yookiin karaa lamaan mikaa'u nuu hubachiisa. kanaafuu, barreessan iddoo barbaachisutti fayyadama afaanii mammaksatti dhimma bahee yaada gabaaban ergaa cimaa dabarseera. Kun immoo akka ciminaatti kan ilaalamudha. Kanaafuu gama kanaan hanqina hin qabu.

3.6. Fayyadama Malleen dubbii

Malleen dubbii fayyadama afgaanii keessaa tokko ta'e, akkaataa barreessa malleen dubbii fayyadamee ergaa ittiin dabarsudha. Kun immoo mala maalin walqabsiisee yookin waan tokko tokko waldorgomsiisee kan ibsudha. Keessumattuu haala sana keessatti maaltu waan biraa jala akka dhoksame hawaasaf dhimma tokko ibsuu bakka itti ilaalamudha. Kanaafuu mata duree kana jalatti gosoota malleen dubbii barreessan asoosama "*KITIMAA*" keessatti ka'an:

**a) Fayyadama Akkasaa**

Fkn ) 1) Hantuutni gonboobeerra <u>akka</u> jabbii hidhaa… (90)

2) maal <u>akka</u> daa'immanii godhattaa? (29)

3) waan jiru hin <u>fakkaatu</u>…(34)

4)…<u>akkuma</u> yaadni yaada kaan kaasee kaan… (36)

5) Haati warraa isaa <u>akkuma</u> isaa…(36)

6)…<u>akka</u> gumaa lallabatan wallalanii …(38)

7) Sooreettiin <u>akka</u> waan qalbiin isii… (39)

8) …qormaanni akkuma qoraman sa’a...(42)

9) …baayyee xiqqoo akkuma achi namarraa… (42)

10)…du’a abbaa isaa akka isiin… (44)

11)akka daa’imaa haati biraa gabayaa…(45)

12)..akka amala isaanii si dirqisiisanii…(60)

13) Badhaasoo akka of jibbu kan isa…(99)

14) …guyyaa kana akka balaliitu natti… (101)

15)… sobii waantota hundaa akka kiyyatti…(109)

16) …akka waan xalayittiin waa isa gootee…(109)

17) akka anaatti guddisaa ta’iif.(109)

18) Harki lamaan alangee fakkata (108)

19)…isa dinqisiifnaan cooraa fakkeesse.(146)

20) eebjuu keessa kan jirtu itti fakkaate.(206)

Barreessan malleen dubbii akkasaa fayyadamee ergaa barbaadamu dabarseera. Innis fayyadama afaanii akka, hanga caalas fakkate jedhu keessa irra caalaa “*akk*a”itti fayyadamu waan biraan walbira qabsiisee ibseera. Kun immoo warren uumamaan garaagarummaa qaban, garuu haala tokkoon ibsamanidha. Fkn “akka gumaa lallabatan wallalnii dhama’u…(6),kun kan agarsiisu, Badhaasoofaan gumaa abbaa isaa nama gaafatu wallalanii akka dhiphatan kan agarsiisuudha kana keessatti fakkii uumun ergaa asoosamichaa caalatti ifa taasisa.

**B) Fayyadama Bakkasaa**

Fkn 1) jaalalli kee erga na macheessuu jalqabee bubbuleera.(20)

2) Har’a aduun ilmoo isii waliin baate.(23)

3) Farda jaalalaa yaabbatanii hanga laga…(20)

4) Aduun sammuu dabdee, galuudhaaf…(21)

5) … Hoomacha galaanarraa ta'ee itti mul'ate.(200)

6)Badhaasoon leenca.(67)

Bakkasaan amala waan tokkoo fuudhanii qaama biraatti uwwisuuti.Kun immoo waan walitti dhiyaachuu hin dandeenye walitti fiduudha. Barreessan qalbii dubbisaa booji'uuf amala waan tokkoo fuudhee qaama biraatin bakka buuse. Fkn,"….Farda jaalalaa yaabbatanii hanga…(20) laga…kana jechuun jaalalli farad qaba osoo hin taane,yaadaan jaalala keessa akka seenaan kan agarsuudha. Barreessaan asoosama kanaa jechoota yaada namaa booji'an bakka buusuun dubbistootni akka jaallatanii dubbisan taasiseera.

Dabalataanis, "Badhaasoon Leenca." (67). As keessaatti,Leenci mootii bineensootaati.kana malees human guddaa kan qabu,jagnummaa kan qabufi bineensota hundarra miidhagina kan qabuudha. Kanaaf jecha cimina miidhaginafi jagnummaa, Badhaasoo ibsuuf jecha bakka leencaa buusuun kan barreessaan dhimma itti ba'eedha.

**C) Fayyaadama Nameessu**

1) Habaabowwaniifi margi magariisni dallaa keessaa qananii ganni isaanitti arjoome raga bahu.(3)
2) "maaloo dammaqaa sagalee hasaassii kiyya dhagahaa naaf birmmadhaa"jechaa ….(1)
3) Barraaqaan ka'ee yaadaan aada. (161)
4) Rimaa jaalalaa fuutee guyyaa isaa eeggachuutti…(7)
5) Lagni qeerraansaa "shaa" jedhee ya'a.(91)

Nammeessan gosa maleen dubbii wan nama hin taanne tokko amala nama gonfaachiisudha. Kun immoo akka namaati dubbiisu, komaachuu, jiibbuu, mari'aachufi kkf gonfaachiisani kalaaquudha. Kanaaf asoosama "*Kitimaa*" keessaattis, birmadhaa, arjoome, aadaa rimaa, shaa kanneen jedhamaan namaatti fakkeesssun, gocha dhalli nama goodhu yookaan dubbaattu fayyadaama afaaniiti fayyaadamee wan iibsef cimina isaatu muldhaata.

**D) Fayyadaama Arbeessuu**

1)Qalbiin isii takkumaan xiyya jaalalaatiin waraanamtee, fayyite.(7)

2)Ajaan foolii kophee funyaan muree namarraa buusa.(89)

3)Gammachuun isaa samii tuqe(56)

4)cophatu galaana ta'a, cirrachatu tulluutti jijjiirama.(4)

5)onnee koorraan si jaalladha.(20)

6)…dibaan barbadaa jaalalaa yeroo dheeraaf ukkaamamee ture…(20)

7)Naasuun qaama isaa weerare.(21)

8)…rukuttaan onnee Badhaasoo dachaan dabaleera.(105)

9)konkolaataan isaa Biqilaa wajjin lafa waliin gara samiitti ibiddaa fi aara guddaa taatee ol utaalte.(191)

10).Hidhii isaa jalaa fi gubbaa ilkaan keessatti cabsatee kan itti aanu bane.(190)

11).Naasuudhaan onneen isaa bakka lamatti dhoote.(38)

Arbeessuun gosa malleen wan tokkoo humnaa ol guddiisaani mul'isuu waan ta'eef barreessaanis yaadicha caalatti gurra guddiisuun dubbiisa biran gahee jira.

**E)Fayyadama Mallattoo/ Fakkoommii**

**1).**Bishaan <u>malkaa waakkannaa</u> ifa biiftuu ganamaa balaqqeessisa.(8)

2).<u>Margi</u> lalisaan sun isaanirra ol darbee isaan dhoksee jira.(20)

3).<u>Hora Finfinnee</u> yeroo ga'u dadhabee gaaddisa meexxii…(97)

4).Balbalaa <u>Bataskaanaa</u> taa'ee kadhataa erga oole,…(95)

5).<u>Odaa</u> jala dhaabbattee itti kolfiti.(82)

Mallatton gosa malleen dubbii, fakkoommii waan tokkoo agarsiisudha. Kun immoo qaama bakka bu'aman keessatti waan bakka bu'an qabu.Barreessanis iddoo muraasatti haalan fayyadameera. Fkn, malkaa waakkennaa, hora finfinnee, odaa margaafi bataskaana asoosama kana keessatti fakkoommi qabu. Kunis, fakkoommi amantii, fakkoommii aadaafi diinagdee kan agarsiisanidha.

#### F) Fayyadama Eemiti/Sobdhugaa

1) Waa'ee aartii oromoo yaadaan baasee, buusuutti ka'e. (12)
2) Mataa firaasha jalaa baafatee ariitiidhaan bu'ee, ba'e.(87)
3) Obboleessi du'aa hiribni… (86)
4) Nama baratetu hamaa fi gaarii, firaafi diina adda baafata.(208)
5) Kophaa isaa taa'ee herrega yaadaa baasee, buusa.(202)

Sobdhugaa /Eemitiin yaadota lama of keessa qabu ta'ee yaadni jedhamu soba kan fakkaatu garuu keessa isaa yoo ilaalan dhugaa kan ta'udha. Barreessanis barreeffama"*KITIMAA*"keessatti dhimma baheera. Fkn 1ffaa keessatti yoo ilaalle, hamaa fi gaarii, firaa fi diina, baasee, buusuu ijaaruu, yaabdee bu'uu, dhaabdee buqqisuun, kaatee ciisu altokko keessatti waan hin danda'amneef soba fakkaata. Garuu keessi isaa yaadni itti baay'atee, yaadan waan burjaajofteef dhugaadha. Kanaafuu akka walii galaatti barreessan malleen dubbii ergaa ciccimaa dabarsaniifi dubbisuuf qalbii namaa hawwachuu danda'utti fayyadamee asoosama dubbisuuf waan dhiyeessuf cimina qaba.

# Boqonnaa Afur: Guduunfaa, Argannoofi yaboo

Boqonnaa kana jalatti akka walii galaatti yaadota guduunfamanif bu'aa qorannoo sanaa yookin kaayyoo gooree irratti hundaa'anii qabxii kan ibsamanidha.

## 4.1 Guduunfaa

Matadureen qorannoon kun irratti xiyyeeffatu "xinxaala fayyadama afaanii asoosama KITIMAA"yoo ta'u,qorannoon kun boqonnaalee afuritti qoodamee kan qoratamedha. Boqonnaan tokko seensa, boqonnaa lama sakatta'a barruu walfakkiifi yaadrimee,boqonnaa sadi xinxaala ragaalee,boqonnaa afur guduunfaa,argannoofi yaboo yookin yaada furmaataa kan haammatudha. Qorannoon kun xinxaala fayyadama afaanii asoosama tokko keessatti argamu gama afaanin xinxaaluu waan ta'eef, gama kaayyoo bu'uurati.Halli dhheenya isaas, maalummaa fayyadama afaanii,keessatti garagaaran kan ilaallatu mala ibsituutti fayyadamee kan qoratamedha. Maddi raga qorannoo kanaa kitaaba asoosama Kitimaafi waraqaa qorannowwaan adda addaa yoo ta'u tooftan xinxaala ragaalee yaadrimee irratti kan xiyyeeffatedha. Sababni isaas qorannoon kun xinxaala yaadaa malee xinxaala lakkoofsaa kan hin haammanne waan ta'eefii.

Fayyadamni afaanii ogbarruu keessatti ta'ee barreeffama biro keessatti kan mul'atu waan ta'eef daangaa hin qabu. Kun immoo of eeggannoo guddaa kan barbaadu waan ta'eef,barreessan yeroo dhimma tokko barreessu, fayyadama afaanii gama dhamjechaa,jechootaa,himootafikkf keessatti mala qabaachurra darbee ergaan isaa kan hubatamudha.

## 4.2 Argannoo

Argannoon qorannoo tokkoo, bu’aa qorannoo sana keessatti qorataan argatedha. Innis kaayyoo gooree qorannoo sanaa keessatti kaayyeffaman irratti hundaa’ee qorannoon sun maalirra ga’e yookin maal of keessatti qabata yaada jedhudha. Kanaaf qorataanis kaayyoo gooree irratti hundaa’ee tokko tokkoon argannoo qorannoo isaa kan armaan gadiiti.

Fayyadama afaanii sadarkaa dhamjechootaatti addaan baasuun qopheesuun kaayyoo gooree qorannoo kanaan yoo ta’u, barreessaan asoosama “Kitimaa”keessatti dhamjechoota gama dhamjecha hortee, heeddummina agarsiisu, koorniyaa agarsiisu, mayii matimaafi kkftin dhamjechoonni sun ba’anii xinxaalamaniru. Dabalataanis dhamjecha uumamteetti fayyadamuun, garee jechoota tokkorraa garee jechoota biraa uumun fayyadama jechootaa irratti wantoota kaan keessumaayyuu jechoota loogaa, jechoota faallaa, jechoota ergisaa,jechoota walfakkii haala barreessan itti fayyadamedha. Kun immoo jechoota loogaa sadarkaa dhamjechaafi jechootatti adda baasun kaayameera. Kana malees jechoota ergisaa afaanota biraa keessa fuudhee dhimma itti bahameera.

Fayyadama mammaaksafi malleen dubbii asoosama “Kitimaa” keessatti,gosa malleen dubbiitti fayyadamuun ergaa cimaafi hubannoo dubbistootaf kenneera. Kanamalees mammaaksonni qabiyyee asoosamichaa keessatti maal bakka bu’uu akka danda’anificimina barreessa ta’uun irra ga’ameera.

## 4.3 Yaboo/Yaada Furmaataa

Asoosamni Kitimaa,fayyadama afaanii karaa adda addaan waan qabuuf ergaa cimaa dabarsa. Kanaafuu barreessitoonni ogbarruu yeroo barreessan fayyadama afaanii sirriitti fayyadamuun guddina ogbarruf gumaachuu, akkasumas, qorannoon kun jechoota safuu, caasaa gama himaatin irratti gaggeeffame waan hin jirreef,namoonni gama kanaan osoo qorannoo irratti gaggeessani gaaridha. Dabalataanis jechoota loogaa naannoo tokkoo fayyadamuurra yaada waltawaa yookin jechoota waltawaa osoo ta’ee.Jechoota ergisaatti baay’inaan fayyadamuurra osoo afaan oromoo keessa bakka buusanii ogbarru oromoofi guddina afaanif bu’aa guddaa ta’uu danda’a.

**Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa.*(2018). Semmoo. Finfinnee: Oromiyaa*

Beekaan Gulummaa.*(2015). Tuujuba. Finfinnee: Oromiyaa, Ellenip.P.P.L*

*Biiroo Aadaafi Beeksisa oromiyaa Gumii Qormaata Afaan Oromoo.(1992). WIIRTUU. Jiildii 5ffaa. Finfinnee mana maxxansaa Artistikii*

Birhaanuu Maatiwoos .*(2013). Fundemantals of Literature. Addis Ababa: Addis Ababa University Press.*

*Caasluuga Afaan Oromoo.(1998). Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo. Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa. Finfinnee: Mana maxxansaa Artistikii*

Fedhasaa Taaddasaa.*(2013). Suubii, Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee:Mana Maxxansaa Suubii

Geetachow Rabbirraa.*(2018). Furtuu: Seerluuga Afaan Oromoo.* Finfinnee : Kurraaz international publish enterprice.

Jamaal Useen. *(2012). Asoosama Kitimaa.* Abi-Ammar. Finfinnee.

Jaalallii Hayiluu. *(waxabajjii, 2002), Xiinxala Itti fayyadama afaanii Yaadanii kessatti waraqaa qorannoo Digirii Baachilaarii guuttachuuf dhiyaate, Yuunivarsitii Finfinnee (kan hin*

*maxxanfamin).*

Jaarraa Wasanee fi Wasanee Bashaa. *(2008) .Bantuu Haaraa. Caasluuga fi ogbarruu Afaan Oromoo.* Finfinnee : Oromiyaa

O'Grady and Dobrovesky *.(1996). "Contemporary Lingustics Analysis (thided*)".Univarsity of Colgory Canada.

Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo Biiroo Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa *(1998). "Caasluuga Afaan Oromoo"*Finfinnee:Mana Maxxansaa Artistikii

Shawaa.H.(1972*). "Dictionary of literature Terms" New York:* MC Grawn Hill Book Company. Harvard University Press.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsa, kanaan duras yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoon kun eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uu isaa, akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa galchuu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________